



KABAJA AYYAANA WAGGAA 88 ffaa

Imala waggoota 88 Humna Qilleensa Itoophiyaa

fuula 14

ethio telecom

Miidhagsituu Sagalee Waamichaaf Badhaafamaa

Erga galmooftanii/Miidhagsituu Sagalee Waamichaa erga bitattanii booda gara 645 tti "Y" ergaa; Gaaffiiwan Deebisaa, Badhaafamaa

Kaffaltiii Qofaaf Miti ...

Baankii Awaash AwashBank

Awash E-School Management System

Ijaarsi pirojektii Godambaa Adwaa ji'oota muraasa booda xumurama

Wayinisheet Kaasaatiin

Finfinnee: Ijaarsi pirojektii Godambaa Adwaa kiiloo meetira '00' ji'oota muraasa keessatti xumuramuun tajaajilaaf banaa akka ta'u Hogganaan Waajjira Bulchiinsa Magaalaa Finfinneefi Dhimmoota Kaabinee Obbo Xilaaahun Warqu ibsan.

Hoggantoonniif gaazexeessitoonni miidiyaalee addaddaarraa babbahan kaleessa ijaarsa pirojektii Godambaa Adwaa Birbira Gooroo (Piyaasaa)tti daaw'ataniiru.

Gara fuula 15tti



"Itoophiyaan ulaa galaanaa argachuuf karaa nagaan tattaafatti"

- Pirofeesar Admaasuu Gabayyoo

Rippooortara Gaazexichaatiin

Finfinnee: Itoophiyaan ulaa galaanaa argachuuf yaalii karaa nagaan akka tattaafattu qorataan saayinsii bishaanii yuunivarsitii Finfinneetti Piroofeesar Admaasuu Gabayyoo ibsan.

Piroofeesar Admaasuu Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf akka ibsanitti, Itoophiyaa ulaa galaanaa argachuuf

Gara fuula 15tti



"Oromiyaatti qormaatni kutaa 8ffaa baranaa barsiisota sadarkaa 2ffaatiin kennama"

- Obbo Efreem Tasammaa

Waaqshuum Fiqaaduutiin

Finfinnee: Qulqullina barnootaa mirkaneessuuf Oromiyaatti qormaatni kutaa 8ffaa baranaa manneen barnootaa sadarkaa 2ffaatti barsiisota manneen

barnootaa sadarkaa 2ffaatiin kan kennamu ta'uu Sadarkaa Hogganaa Ittaanaatti Gorsaan Biiroo Barnoota Oromiyaa Obbo Efreem Tasammaa ibsan.

Obbo Efreem dhiyeessii galtee barnootaafi sosochii qulqullina barnootaarratti biirichi

taasisaa jiru ilaalchisuun Roobii darbe Dhaabbata Pireesii Itoophiyaa waliin turtii taasisaniiru.

Akka isaan jedhanitti, qormaatni kutaa 6ffaafi 8ffaa sirna barnoota haaraan

Gara fuula 15tti

ODUU

Oromiyaan damee turiizimiitiin sochii gaarii agarsiisaa jira

Waaqshuum Fiqaaduutiin

Finfinnee: Oromiyaan dachee uumamni faayee taatee uumamaa daawwataman hedduu qabuudha. Naannichi qabeenya waa maraanis ta'e argama lafaatiin giddugaleessa biyyaa ta'uun beekama.

Sababa bu'uuraaleen misoomaa haala barbaadameen misoomee hinjirreef qabeenya uumamaa naannichi qabu hawwata tuuristiif oolchuun bu'aan barbaadamu argamuu baatus ammaan tana xiyyeeffannaa mootummaan naannichaa kenneen bu'aa abdachiisaan argamuu eegaleera.

Dhimmuma kana ilaalchisee Komishinari Ittaanaan Komishinii Turiizimii Oromiyaa Obbo Naggaa Wadaajoo turtii dheengadda Dhaabbata Pireesii Itoophiyaa wajjin taasisaniin akka jedhanitti, naannichatti bakkeewwan uumamaafi namtolche hawwata turiizimii ta'an hedduu ifoomaa jiru. Aadaan daawwannaa biyya keessaas guddachaa dhufuun galiin argamus daran dabalaa jira.

Yaa'iinsa daawwatootaa naannichatti dabalaa jiruun kurmaana tokkoffaa qofatti qarshiin biliyoona sagal walittiqabamuu ibsanii; ji'oota hafanittis hanga galii argamuu caalaatti dabaluu komishinichi xiyyeeffannaa addaattiin hojjechaa

jiraachuu ibsaniiru.

Bakkeewwan hawwata turiizimii haaraan misoomaa jiran wayita xumuramanii hojii eegalan galii guddaa maddisiisuun akka danda'amus himanii; komiin kana dura bu'uuraalee misoomaatiin walqabatee tures hanga tokko fooyya'uu himaniiru. Hanqina gama kanaan jiru hundeerree furuuf ammayyuu tumsa qaamolee hundaa kan fedhudhas jedhan.

Turiizimiin investimantiif ka'umsa kan jedhan Komishinar Naggaan; biyya kamittuu namni tokko erga bakka tokko daawwachuuf deemee booda yaadni bakka sana misoomsuu kan dhufuuf ta'uu dubbataniiru. Abbootiin qabeenya hedduunis haala kanaan misoomarratti akka hirmaatan ibsaniiru.

Komishinichi carraa kanatti fayyadamuuf fuula miidiyaa hawaasasaarratti mataduree, 'invest in Oromiyaa' yookiin Oromiyaa haa misoomsinu jedhuun abbootii qabeenyaatiif waamicha gochaa jiraachuu eeraniiru.

Biyyoota heddutti waantonni hedduun daawwannaa turiizimiif akka oolan himanii; Oromiyaattis qabeenya uumamaa dabalatee qonnaafi paarkiiwwan industirii babal'achaa jiran akka hawwata turiizimiitti kan tajaajilan ta'uu dubbataniiru. Haaluma kanaan qonniifi warshaan wayinii Kaastel Baatuutti argamu bakka hawwata turiizimii



Obbo Naggaa Wadaajoo

taasisuuf hojjetamaa jira jedhan.

Waliigalaan Itoophiyaan biyyoota addunyaa turiistoota hawwachuun filatamoo ta'an

kurnan keessaa Taanzaaniyaafaayyuu caaltee sadarkaa torbaffaarratti argamuushee Dhaabbatni Turiizimii Addunyaa tibbana ifoomsuu Komishinar Naggaan ibsaniiru.

Federaalizimiin sabdaneessaa garaagarummaa keessatti tokkummaa mirkaneessaa jira

Gammachuu Kadiriin

Finfinnee: Federaalizimiin sabdaneessaa sabdaneessummaa bu'uura godhachuun garaagarummaa keessatti tokkummaa mirkaneessaa jiraachuu hayyooti ibsan. Sirna federaalizimii sabdaneessaa cimsuuf mariifi dimokraasiin murteessaadha jedhame.

Hayyuu seeraafi bulchiinsaa Obbo Aroon Daagool ibsa Kibxata darbe Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf kennaniin akka jedhanitti, federaalizimiin sabdaneessaa sabdaneessummaa bu'uura godhachuun garaagarummaa keessatti tokkummaa mirkaneessaa jira. Tokkummaa mirkaneessuuf ammoo heera mootummaa keewwata 47 lakkoofsa 3 Saboota, Sablammootaafi Ummattoonni mirga hiree ofiin murteeffachuu akka qaban tumameera. Kanaafis sirni federaalizimii sabdaneessaa filannoo ta'uu ibsaniiru.

Akka ibsasaaniitti, jijjiirama booda garaagarummaa keessatti tokkummaa cimsuun cimtee ittifufeera. Bu'aa hanga ammaatti argameefis naannoleen Itoophiyaa Giddugaleessaa, Sidaamaa, Itoophiyaa Kibbaafi Itoophiyaa Kibba Lixaa hundaa'an agarsiistuudha.

Mootummaa caasaa, ijaarsaafi adeemsaasaa akka jijjiiramuuf sababa ta'uus yaadachiisanii; Mana Mare Bakka Bu'oota Ummataafi waltajjiilee biyyaaleessaa biroo dabalatee Itoophiyumaan laafee ture



Doktor Guutamaa Immaanaa

deebi'ee kabaja akka argatu ta'ee jira jedhan.

Dhimma Mootummaa Naannoo Sumaalee gidduuseenuufi Naannoo Tigraayi Komishinii Filannoo hundeesuufi nageenya kabachisuuf karaan Mootummaan Federaalaa ittideeme qormaata sirna federaalizimii mudatee ture ta'us sirna federaalizimii sabdaneessummaa bu'uura godhachuun garaagarummaa keessatti tokkummaan akka dhugoomu kan taasiseedha jedhaniiru.

Kanaaf, dhimmoota adda taasisanirratti adda addummaa jiru qabachuun, dhimmoota tokko taasisanirratti tokkoomuun aadaa, amantaa,

Gara fuula 15tti

Oromiyaatti buna kuntaala miliyoona 11.5 sassaabuuf karoofamee hojjetamaa jira

Taammiruu Raggaasaatiin

Finfinnee: Naannoo Oromiyaatti bara bajataa 2016tti buna kuntaala miliyoona 11.5 walitti qabuuf karoofamee hojjetamaa jiraachuu Biirron Qonna Oromiyaa beeksise.

Hogganaa Ittaanaan biirichaa Obbo Mahaammadsaanii Amiin ibsa Roobii darbe Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf kennaniin akka jedhanitti, naannichi omishaafi omishtummaa bunaaf potenshaala guddaa qaba. Godinaalee 21 naannichaa keessaa 18tti bunnii ni omishama. Akkuma biyyaattuu galii bunarraa argamuunis ta'e baay'ina buna omishamuuttiin naannichi dhibbantaa 70 gumaachaa jira.

Naannichatti lafa heektaara miliyoona 2.8irratti bunnii misoomaa jira. Kana keessaa heektaara 1.4rra kan jiru bara bajataa kanatti omisha ni kenna jedhamee eegama. Barana hanga gabaasni kun qindaa'etti buna kuntaala miliyoona 2.1 walitti qabeera jedhan.

Inisheetivoota qonnaa hojiirra oolaa jiran keessaa inisheetiviin bunaa isa ijoodha kan jedhan Obbo Mahaammadsaanii, inisheetiviichis omishtummaa bunaa dabaluuuf, buna qulqullina qabu omishuufi omishtoota fayyadamoo taasisuurratti kan xiyyeeffatu ta'uu eeraniiru.

Bara 2011rraa eegalee hanga bardheengaddaatti buna dullooma sanyiin bunaa haaraan %35 lafa heektaara kuma 400rratti bakka buufamuu ibsanii, gama hojii lafa haaraarratti misooma bunaa



Obbo Mahaammadsaanii Amiin

babal'isuutiinis waggoota afran darbanitti lafa haaraa hektaara kuma 800rratti adeemsifamuu ibsaniiru.

Omishtummaan bunaa yeroodhaa gara yerootti dabalaa jira kan jedhan Obbo Mahaammadsaanii bara 2011 waliigalatti buna kuntaala miliyoona 6.5 qofatu omishame, bara 2015immoo buna kuntaala miliyoona 10.4, bara 2016 kuntaala miliyoona 11.5tu argama jedhamee eegama jedhan. Bara 2011 giddugaleessaan hektaara tokkorraa kuntaala jaha omishuurraa bara 2015 immoo gara kuntaala saddeettiif olguddisuun danda'amuus eeraniiru.

Mootummaan jijjiiramaa fayyadamummaa qonnaan bultoota buna omishaniitiif xiyyeeffannoo addaa kennuun hojjechaa jiraachuu ibsanii, networkii hattootaa sirna gabaa omishichaa keessa jiru kukkutuuf hojii hojjetameen fayyadamummaan omishtootaa gara dhibbantaa 400tti guddachuu dubbataniiru. Ta'us ammallee qonnaan bulaan hamma dadhabbiisaa argachaa akka hinjirre dubbataniiru.

Ijoo Dubbii

Humna Qilleensaa samiin kan jajjabeewwanii ta'uu mirkaneesse

Raayyaan Ittisaa Itoophiyaa akkuma addunyaattuu humna gama hundaan maqaa gaarii qabuudha. Raayyaan waggaa 116ffaasaa baatii Onkoloolessaa darbe kabajate kun naamusa loltummaa goonfaterra ka'uun biyyoota ergama kabachiisa nagaa qabatee deeme hundatti gootummaa, gaachanummaafi dahannoo amansiisaa ta'uuni kan beekamu.

Qaamuma Raayyaa Ittisaa Biyyaa kanaa kan ta'e Humni Qilleensaa Itoophiyaas waggaa 88ffaa hundeeffamasaa Sadaasa 20 bara 2016 irraa eegalee sirnoota adda addaatiin kabajaa ture har'a xumura.

Humni Qilleensaa kun gama dandeettii humna namaa cimsuutiin, hidhannoo fi bu'uraalee misoomaa adda addaatiin of ga'oomsuufi hammayyeessuutiin hojiiilee milkaa'oo hedduu raawwateera, raawwachaas jira.

Akka Ajajaa Olaanaan Humna Qilleensaa Itoophiyaa Letenaal Jeneraal Yilmaa Mardaasaa ibsanittis, akeekni ijoon kabaja waggaa 88ffaa hojiiilee jijjiiramaa as hojjetaman beeksisuu akkasumas, hojiiilee dirqamaa yeroo ittaanuutiif qophii ta'uu agarsiisuudha.

Kanuma sababeeffachuun hojiiilee humna qilleensichaatiin hojjetaman qaamolee adda addaa biyya keessaafi alaa daaw'achiisuun, beeksisuu, beekamtii kennuufi raayyicha galateeffachuun raawwatamaniiru.

Sirni eebba hoggantoota dameewwan ogummaa adda addaatiin leenji'anii, balaliistotaa, teknishaanotaa akkasumas kan barsiisota balaliifa'is darbees kan bu'uraalee misoomaa waraanaa qaamuma ayyaanichaati.

Hojiiileen mooraa Humna Qilleensaa Itoophiyaa Bishooftuutti argamu hojiiif akka mijatu gochuus bal'inaan raawwatamaniiru. Jijjiiramaa as hojiiileen riiformii hedduunis raawwatamaniiru.

Kanaanis humni qilleensaa kun gama ijaarsa humna namaatiin, dandeettii hidhannoo ammayyeessuufi hidhannoo haaraa hidhachuutiin, bakka hojiiif mijataa uumuutiin hojiiilee danuu hojjeteeera.

Agarsiisni biyyoonni michuwwan Itoophiyaa irratti hirmaataniifi "Leena Gurraacha" jedhamu akkasumas foramiin ajajoonni Humna Qilleensaa Afrikaa irratti argaman qaamuma ayyaanichaa yoo ta'u, kunis michummaa cimsuu keessatti bakka olaanaa kan qabuudha.

Egaa hojiiileen Humna Qilleensaa Itoophiyaa keessatti hojjetamaa jiran humna qilleensaa ammayyaa guddummaa Itoophiyaa madaalu ijaaruuf, hojiiilee gama bu'uraalee misoomaa waraanaatiin hojjetaman kanneen dirqama kennamuuf ga'umsaan bahachuu dandeessaniidha. Keessumaa hojiiilee riiformii jijjiiramaa as hojjetamaniin humna qilleensaa guddicha biyyi ittiboontu taasisuun danda'ameera.

Kanaanis Humni Qilleensaa Itoophiyaa gaachana amansiisaa biyyaa akkasumas, raawwii dirqamaa kamiifuu ga'aafi qophii ta'eera. Hojiin humna qilleensaa ammayyaafi gama hundaan guddummaa Itoophiyaa madaalu haala haaraadhaan uumuu ammas cimtee ittifufeera.

Mooraa Humna Qilleensaa Itoophiyaatti hojiin xiyyaarota tajaajila geejibaatiif, waraanaafi shaakalliif oolan haareessuu, suphuufi amansiisaa gochuus raawwatameera. Kana malees hojiin fooyyessa hojmaata aanaalooqirraa gara dijitaalawaatti jijjiiruun raawwatameera. Hojiin gama ittifayadamaafi fooyyessa teknolojiiratti hojjetames daran olaanaadha.

Hojiin wiirtuu suphaa xiyyaarota guguddoo ammayyessuu, dandeettii ilaaluufi qiyyaafannaasaanii cimsuus raawwatameera. Kanaanis sharafa alaa humni qilleensichaa baasaa ture hambisuu danda'eera.

Walumaagalatti Humni Qilleensaa Itoophiyaa jijjiirama biyyattiitti dhufe hordofee dhaadannoo, "Samiin kan jajjabeewwanii" ("The sky is only for strong person") jedhuun hojiiilee hedduu gaachanummaafi aantummaasaa mirkaneessu raawwateera, raawwataas jira.

Humni qilleensichaa ergama hatattamaafi dirqama halkaniifis ta'e guyyaatiif balali'uun waan yaadame milkeessuu dandeessurratti argama. Kanaanis haala qilleensa Itoophiyaa yeroo kamittuu eeguu isa dandeessisuun ijaaramaa jira.

Itoophiyaan wayita Afrikaanonni kaaniifi Eeshiyaan xiyyaara himbeeknetti Humna Qilleensaa dhaabdee ergamawwan loltummaa adda addaatiif fayyadamaa turte. Yaaliwwan biyyarratti aggaamamanis faccisuuudhaan jabduu cimaa raawwachuun humna samiin kan jajjabeewwanii ta'uu gochaan mirkaneesse kana faana hiriiruudhaan gaachanummaasaa caalaatti cimsuun barbaachisaadha.

Yaada

"Gaaffiileen Oromoo waan deebi'aniif waanti qabsoof bosonatti nama galchu hinjiru"

- Fiildi Maarshaal Birhaanuu Juulaa

Bayyanaa Ibraahimiin

Shuumiin Itaamaajoorii Waliigalaa Humnoota Waraanaa Mootummaa RFDI, Fiildi Maarshaal Birhaanuu Juulaa tibbana haala yeroorratti ibsa bal'aa kan kennan yoo ta'u, nutis ibsasaanii keessumaa kan isaan dhimma araaraa Taanzaaniyaatti taa'amerratti kennanirratti xiyyeeffachuun haala ittaanuun qindeessinee dhiyeesineerra. Fiildi Maarshaal Birhaanuu ibsasaanii kan eegalan waa'ee moggaasa maqaa Shanee jedhurratti yaada kennuudhaani.

Moggaasa maqaa qaama hidhatee bosona Oromiyaa keessaa humnoota mootummaatiin falmaa jiruurratti qaamoleen gara garaa akkuma isaaniif mijatutti waamu. Qaama kanaan kan 'Shanee' jedhu jira, kan 'ABO Shanee' ykn OLA/WBO jedhee waamus jira.

Maqaansaanii kan fedhes ta'u qaamni kun yeroo ammaa hidhannoodhaan nageenya booressuu keessa kan jiru waan ta'eef nageenya buusuuf jecha marsaawwan lamaan wajjin mari'atameera.

Yeroo ammaa wanti ummanni Itoophiyaas ta'e mootummaan ummata kana bulchaa jiru barbaadu nagaafi nagaa qofa. Gama isaaniitiin nageenya mootummaafi ummanni biyyattii barbaadan kana ni barbaadu moo hinbarbaadan kan jedhu sirritti ilaalamuu danda'a.

Mootummaan Itoophiyaa erga ummatni bal'aafi hayyoonni biyyattii akka nageenyi bu'uuf jecha qaamota hunda waliin akka mari'atamu barbaadanii wanti waraana filatuuf hinjiru. Keessattuu waraanni biyyattii gara kaabaatti uumame xumura kan argate karaa waraanaatiin osoo hintaane, marii nageenyaatiin waan ta'eef, qaama kana waliinis yoo danda'ame mariidhaan furuuf yaadameeti kan mariiwwan marsaa lamaan darban kan gaggeeffame.

Haalota kanneenirraa ka'uun wayita mariin marsaa jalqabaa gaggeeffametti fageenyi dheeraa adeemamee ture. Sababuma kanaan miirri walhimachuufi maqaa walballeessuu hafee, marii marsaa lammataatiif haala gaarii uumuu kan danda'eedha.

Haaluma kanaan mariin marsaa lammataas bakka qaamotni maricha hoggananiifi taajjaban jiranitti gaggeeffamaa tures jalqabarratti haala gaariin erga adeemaa turee booda haalotni irratti waliigalteen dhabame uumaman.

Haalotawaldhibdeen irratti uumame kanneen furanii waliigalteen akka dhufu gochuuf immoo isaan keessaayyis qaamoleen mootummaa aangoo murteessummaa qaban akka argaman taasifamuusaatiin marichi hamma tokko bifuma gaarii ta'een erga adeemaa turee booda, ammas haalli walldhabdee biraa uumu mul'ate.



Kunis erga marichi sadarkaa xumuraarra gahee boodaafi ummata biyyattiitiif yeroo labsamuuf jedhutti gaaffiileen hineegamne isaan irraa ka'uu eegale.

Jalqabumarratti qaamni tokko mootummaa biyyattii waliin taa'ee mari'achuuf sirna mootummaafi heera biyyattii kabajuufi fudhachuun dirqama akka ta'e baruun barbaachisaadha. Kana fudhachuun dirqama qaamaa sanaa ture.

Kanaaf dura marii keessa osoo hingalle sirnaafi heera biyyattiin ittiin bultu akka fudhatan waliigalanii erga gara marichaatti galanii booda, yeroo mariin xumura gahu waan waliigaltee duraa sana diigu kaasuuudhaan haala marichaa gufachiisaniiru.

Qaamni kun nin qabsaa'a kan jecha jiru ummata Oromootiifi. Dhugaadha ummanni Oromoo biyya kanatti dhiibamaa ture. Gaaffiilee hedduus biyyattii kana keessatti qaba ture. Bara sirna moototaatti gaaffii guddaan Oromoo gaaffii lafaa ykn dinagdee ture. Gaaffii sana immoo Dargiin deebiseera.

Sana boodas gaaffii ta'ee kan ittifufe gaaffiin mirga ofiin of bulchuufi eenyummaa mootummaa ADWUItiin deebii argatee naannoon Oromiyaa hundaa'ee ofiin of bulchuutti jira. Bara ADWUIti qaawwi ture garuu, aangoo mootummoota naannolee gidduu galanii waan ofii barbaadan raawwachiisuu ture.

Mootummaan guddugaleessaa aangoo naannolee gidduu galuudhaan kana godhi, kana immoo hingodhin kan jedhu sanatu fincila uumee mootummaa jijjiiramaa kana uume jechuudha. Jijjiirama booda naannoleen hundi waan ofiisaaniitiif nuu ta'a jedhanii itti amanann hojjatu malee qaamni isaan dirqisiisee hojjachiisu akka durii hinjiru.

Kan biraa waa'ee Afaan Oromoo afaan hojii mootummaa federaalaa gochuuti. Kunis gaaffii sirriidha. Kanas mootummaa fudhatee irratti hojjechaa jira.

Walumaagalatti; gaaffiileen Oromoon biyya kana keessatti qabaachaa ture dhawaata dhawaataan deebi'anii waan dhumaniif ammaantana maqaa Oromootiin wanti hidhachiisee nama lolchiisu hinjiru.



Bariisaan

Guraandhala bara 1969 hundaa'e.

Torbanitti al tokko, guyyaa Jimaataa,

Dhaabbata Pireesii Itoophiyaatiin maxxanfamaa ture. Waxabajjii 1,2011 irraa eegalee Sanbata maxxanfamaa jira.

Hoji Gaggeessaa Olaanaa Dhaabbata Pireesii Itoophiyaa
Lakk. bilbilaa - 011-126-42-22
Email :- epa@press.et

Gulaalaan

Charinnat Hundeessaa

Lak.Bilbilaa 011-126-42-08

chhundessa@yahoo.com

email-cherenethundessa@press.et

Teessoon:Kutaa Magaalaa Nifas Silki Laaftoo

Qopheessitootni:

Saamraawit Girmaa

Natsaannat Taaddasaa

Bayyanaa Ibraahim

WaaSihuun Takilee

Adeemsisaa Hojii

Bil. 011-126-42-22

Kutaa Beeksisaa:

Bil. 011-156-98-73

Raabsa Gaazexaa

Bil.011-157-02-70

Faaksii Kutaa Qophii

251-011-1-5698-62

L.S.P 30089

email-bariisaa@press.et



Ethiopian Press Agency

ODUU



Wayita omishni boqqolloo sassaabamu

Beenishaangul Gumuzitti callaa kuntaalli miliyoona torbaa ol sassaabame

Gammachuu Kadiriin

Finfinnee: Omisha ganna 2015/2016 irraa haga ammaatti sassaabamerraa callaa kuntaala miliyoona torbaafi kuma 500n argamu Biirron Qonna Mootummaa Naannoo Beenishaangul Gumuz ibse.

Hogganaan Biirron Qonna naannichaa Obbo Babakir Haliifaa Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf Roobii darbe akka ibsanitti, hojiin sassaabuufi calleessuu omisha bara 2015/2016tti haga ammaatti gaggeeffameen callaa kuntaala miliyoona torbaafi kuma 500 argameera. Waliigalaan naannichatti qonna gannaarraa callaa kuntaala miliyoona 34 akka eegamu ibsaniiru.

Akka ibsasaaniitti, biirichi omishaafi omishummaa naannichaa guddisuun wabii midhaan nyaataa naannichaa mirkaneessuuf hojiilee guguddaa hojjechaa jira. Bara omishaa 2015/2016tti lafa keektaara miliyoona 1.1 sanyiidhaan uwwisuuf karoofate keessaa hektaara miliyoona tokkoo ol sanyiidhaan uwwisuun danda'ameera.

Dhiyeessii guddistuu callaatiin walqabatee

xaa'oo namtolchee (kompostiin) bal'inaan naannichatti hojiirra kan oole ta'uu himanii; waliigala xaa'oo kuntaala kuma 111 dhiyeessuuf karoofamee hunda dhiyeessuun hojiin qonna ganna gaggeeffameera.

Yeroo ammaas sassaabbiin omishaa ga'ee sassaabbiirra jiraachuu himanii; qisaasama omishaa wayita sassaabbiin mudatu hambisuuf odeeffannoo Inistitiyuutii Metiworolajii Itoophiyaa bu'uura godhachuudhaan sassaabbiin omishaa yeroosaa eegge akka gaggeeffamuuf hojiin hubannoo uumuu bala'aan miidiyaadhaan hojjetameera. Sassaabbiin omisha naannichaa baay'een mala aadaatiin waan ta'eef barattoonni duula ba'anii akka omisha sassaaban kallattiin kaa'ameera jedhaniiru.

Rooba waqtii malee roobu sassaabbiin omishaarratti yeroo gabaabaaf dhiibbaa uumuus gombisaan omishni ittisassaabamu qopheessuun rooba jalaa oolchuun haala mijataa uumuuf hojjetamaa jira.

Haaluma walfakkaatuun hojiin qonna qamadii bonaa boqonnaa qophiirraa kaasee hojii guguddoon hojjetamaa jira. Qonna

qamadii bonaa bara darbee hektaara kuma lama ta'uu yaadachiisanii; barana garuu hektaara kuma sadii hanga kuma torbaatti sanyiidhaan uwwisuuf karoofameera. Hojii hanga ammaatti hojjetameen lafa hektaara kuma tokko qophaa'e keessaa hektaarii dhibbi sadii sanyii qamadiin uwwifamuu himanii; kan hafes irraa jalaan yeroo hafe keessatti kan xumuruu ta'a jedhaniiru. Bara omishaa kanatti callaa qamadii kuntaala kuma 100-120tti omishuuf karoofamee hojjetamaa jiraachuu ibsaniiru.

Sassaabbiin omisha boqqolloo duubatti harkifateera. Akka aadaa naannichaatti waqtii bonaa yeroo ibiddi bonaa ka'u waan ta'eef hawaasni omisha boqqolloo aariitiidhaan akka sassaabamuuf hoggansiifi ogeessonni qonna hawaasa dadammaqsuu qabu. Hojii qonna qamadii bonaan duubatti harkifates hatattamaan hojii lafa qopheessuufi sanyiidhaan uwwisuutti akka galamu jechuun dhaamaniiru.

Saalixii, boqqolloo, boloqqee, qamadii, xaafii, bisingaa (caabbii) omisha naannichaatti omishamaa jiran keessaa muraasa ta'uun hubatameera.

Itoophiyaaf kaffaltiin idaa dheerachuun rakkoo qaala'iinsa jireenyaa furuuf ni gargaara

Taammiruu Raggaasaatiin

Finfinnee: Biyyootni liqeessitoota maallaqaa ta'an Itoophiyaaf yeroo kaffaltii dheeressuunsanii rakkoo qaala'iinsa jireenyaa biyyattii furuuf gahee olaanaa qabaachusaa Hayyuun Dinagdee Doktor Daawwit Hayyeesoo ibsan.

Bulchaan Baankii Biyyaalessaa Itoophiyaa Obbo Maammoo Mihiratu yeroo raawwii baankichaa kan kurmaana tokkoffaa wayita Miseensota Mana Maree Bakka Bu'oota ummataaf dhiyeessanitti biyyootni sooreyyiin Itoophiyaan liqaa doolaara biliyoona 1.5 dheeressitee akka kaffaltuuf murtoo dabarsuunsanii ibsanii turan.

Doktor Daawwit Kibxata darbe turtii Dhaabbata Pireesii Itoophiyaa waliin taasisaniin akka jedhanitti, idaa biyyattiin liqeessitootaaf amma kaffaluun irra ture yeroon kaffaltii dheerachuunsaa misooma keessoo finiinsuuf shoora guddaa taphata.

Qarshicha kaffalamuuf ture hojiilee misooma guguddaa hojjetamaa jiran ittiin xumuruun galii keessoo guddisuun ni danda'ama kan jedhan Doktor Daawwit, qarshicha hojii ijaarsa hidha Laga Abbayyaa ittiin xumuruun humna ibsaa achirraa argamu biyyoota ollaatti gurguruun galii argamuun idicha kaffaluun akka danda'amus himaniiru.

Yeroon idaan kun itti kaffalamu dheerachuun gama dinagdeetiin faayidaansaa hedduudha kan jedhan Doktor Daawwit, biyyattii keessatti oomishaafi oomishummaan akka dabaluu gochuun rakkoo hammachaa dhufe rakkoo qaala'iinsa jireenyaa furuufis kan gargaarudha jedhaniiru.

Qarshiin kaffalamuuf ture kun yoo kaayyoowwan oomishaafi oomishummaa dabaluu hojiirra hinoollee idaa biroo ta'uu waan danda'uuf, qarshichaan hojii misooma dameewwan sharafa biyya alaa argamsiisanii ittiin hojjechuun sharafa alaa maddisiisuun barbaachisaa ta'uu ibsaniiru.

Liqiiwwan kan dhufan maqaa ummataatini waan ta'eef liqiiwwan fudhataman jireenya ummataa fooyyessuuf ooluu qaba jedhanii, yoo jireenyi ummataa fooyya'ee lammii omishuu danda'u horachuun humna idaa kaffalachuun danda'u horachuun akka danda'amus dubbataniiru.

Akka isaan jedhanitti, mootummaan maqaa ummataatiin liqii liqeeffatu pirojektota bu'aa qabeyyiif akka oolu taasisuun liqiiwwan jiran yeroon kaffalamaa adeemaa jiraachuu mirkaneessuu qaba. Iidaan biyyarra jiru yoo yeroon hinkaffalamne biyyootni liqeessan dhaabbilee liqeeffatootaa guguddoo galii maddisiisan akka bitaniif karaa kan saaquuf ta'uus Doktor Daawwit ibsaniiru.

Oromiyaatti lafti saamame heektarri kuma tokkoofi 897 akkasumas qarshii miliyoonna 500 ol deebi'e

Taammiruu Raggaasaatiin

Adaamaa: Naannoo Oromiyaatti waggoottan sadan darban lafti heektarri kuma tokkoofi 897 akkasumas, qarshiin miliyoona 500 saamamee ture harka mootummaatti deebi'uu Komishiniin Namusaafi Farra Malaammaltummaa Oromiyaa beeksisse.

Komishinarri komishinichaa Obbo Abdallaa Oggatee guyyaa farra malaammaltummaa 18ffaa sadarkaa Oromiyaa magaalaa Adaamaatti Kibxata darbe kabajamerratti haasaa taasisaniin akka jedhanitti, malaammaltummaan olaantummaa seeraa



Gara fuula 15tti

Mijuu

BARIISAA SANBATAA Mudde 6 Bara 2016



Gahee duudhaaleefi
dhaabbileen aadaa nagaafi
tokkummaa sabootaa
waarsuu keessatti qaban

fuula 9



**“Jireenya aartiidhaan guutametti akkan
galuuf kan nagargaare Oromoodha”**

- Artisti Leencoo Gammachuu

fuula 6



**Maanaajimantii
Odeeffannoo Fooyya'aa:
Konistiraakshinii
fooyya'aaf**

fuula 8



**Moodeel Saadaam
Qaasiim: Qeerroo Oromoo
moodeelingiidhaan
waltajjii idiladdunyaarratti
injifate**

fuula 10

**Federaalizimii
sabdaneessa ijaarsa
biyyaatiif**

fuula 11

KEESSUMMAA BARIISAA

“Jireenya aartiidhaan guutametti akkan galuuf kan nagargaare Oromoodha”

- Artisti Leencoo Gammachuu

Waasihun Takileetiin

Dur dur bara dukkanaa sana keessa Afaan Oromootiin weellisuu mitiitii dubbachuunuu yakka ta'ee, kanneen didanii weellisanirratti tarkaanfii hammaataan ajjeechaa hanga biyyaa baasuu irra gahaa tureera.

Afaan Oromoo raadiyoo cabsa jedhamee ifatti Oromoofi aartiisaa cabsuuf yaaliin gaggeeffamaa ture ulfaataa ta'us ukkaamsuun hindanda'amne.

Artiin Oromoo dukkana sana keessa weellifamaa ture raadiyoo osoo hintaane cunqursaa cabsee muuziqaan har'a ifatti miidhagina Oromoo madda dinagdee ta'ee mul'ataa jira.

Kanaafis artistoonni wareegama qaalii hanga aarsaa lubbuu kaffalanii dhaloota har'aatiin gahan kabajni kan maluuf ta'us, hojii isaan dukkana sana keessa hojjetan har'a isaan kabachiisa; fakkeenyummaan ka'aa jira. Dhaloota gama ogummaa aartiitiin faanasaaani hordofu kumaatamas horataniiru.

Warraaqsa Indastirii Muuziqaan Oromoo fuulduraatti tarkaanfachiisuuf artistoonni sagaleen kiilolee kan walaloon gurratti tolan, kanneen yeedaloon qalbii nama hawwatan hedduu dabareen walharkaa fuudhaa muuziqaan Oromoo addunyaatti gadibaasaa beeksisaa jiru.

Muuziqaan Oromoo ammallee akka waan fal'aanaan galaanarraa bishaan waraabuutti kanirratti hojjetame yoo ta'u, osoo xiyyeeffannoon addaa kennameefii madda dinagdee guddaa ta'uu akka danda'u eenyumaafuu dhoksaati miti.

Gaazexaan Bariisaas warraaqsi indastirii Muuziqaan Oromoo eessaa ka'ee maalirra jira isa jedhuuf artistii qaalii tokko qabattee dhiyaatteetti.

Keessumma keenya maxxansa kanaa Artisti Leencoo Gammachuu viidiyoo muuziqaan iddoowwan hawwata turistii agarsiisu qopheessuun Komishinii Turizimii Oromiyarraa barana badhaafame yoo ta'u, Leencoon eenyu? eessatti dhalatee guddateefi dhimmoota ijoo kaan gaafdeebii ittaanu keessaa argattu.

Bariisaa: Artisti Leencoo Gammachuu eenyu? Eessatti dhalatee guddate? Wallagga moo Iluudha?

Artisti Leencoo: Ani Artisti Leencoo Gammachuu Abbaakoo Obbo Gammachuu Tasammaafi Harmeekeero Aadde Alamituu Tagany Gammadaarraa Naannoo Oromiyaa, Godina Iluu Abbaa Boor, Aanaa Cooraa, bakka Noonoo jedhamtuttiin dhaladhe.

Bariisaa: Akkuma walleewwan aadaa Wallagga (Muquuxaayee)fi kan Iluu Saagii jedhamu weellisteen aadaasaa bareechitee waan keesseef namni bakka dhalootakee walfalmaa turee jedheeni?

Artisti Leencoo: Lamaanuu keenyuma. Haata'utii walleen Wallaggaas kan Iluus kanan bareechee weelliseef tokko kanin keessatti dhaladhe, kaan ammoo kanin ittiguddadhe waan ta'efi.



Bariisaa: Maatiinkee ilmaan meeqa qabu; isaan keessaa ati ilma meeqaaffaadha?

Artisti Leencoo: Maatiin keenya ijoollee afur qabu; durba lamaafi dhiira lama. Ani hangafa.

Bariisaa: Haalli guddinakee maal fakkaata?

Artisti Leencoo: Akkuma daa'ima kamuu maatii gargaaraan guddadhe. Maatiin kiyya barsiisota. Abbaan kiyya barsiisaa seenaa, harmeen kiyya ammoo barsiistuu afaaniiti. Kunimmoo fedhiin waa barreessuu ykn kalaqa aartii akka na keessatti biqilu, daraaru, ija godhatu ka'umsa naa ta'eraan jedha.

Bariisaa: Mana barumsaa hoo eessa eessatti baratte?

Artisti Leencoo: Mana Barumsaa Sadarkaa Iffaa Cooraatti; sadarkaa 2ffaa ammoo Godina Wallagga Bahaa, Mana Barumsaa Biiftuu Naqamteettan baradhe. Isa booda Yunivarsitii Walloorraa muumme barnootaa Tiyaatirikaal Aartiidhaanin eebbifame.

Bariisaa: Tiyaatirikaal aartii barachuun kee akka gara aartii muuziqaatti fuulleffattu sigargaareera?

Artisti Leencoo: Dhugaa dubbachuuf barnoonni tiyaatirikaal aartii ani digriin itti leenji'e ga'umsi muuziqaakoo akka dabaluu, akka cimuu nataasiseera. Ta'us dandeeffii seenaafi afaanii abbaafi haadhakoorraa waanan dhaaleef innis dabalataan nagargaareera.

Caalaattimmoo ummata Oromoo keessatti dhaladhee guddachuunkoo aadaa, seenaa, eenyummakoo, afoola, muuziqaafi kanneen birootiin ijaaramee akkan guddadhu nataasiseera.

Bariisaa: Akka gara aartii muuziqaatti galuuf eenyutu fakkeenya sii ta'e?

Artisti Leencoo: Oromoo keessatti dhalatanii guddachuu qofti akka aartiidhaan ijaaraman nama taasisa. Sirnoonni, ayyaanonni, jaarsoliin, aadaan, waan baay'ee nama barsiisu.

Haata'utii daa'imummaakoorraa kaasee Artisti Alii Birraan jaaladha. Isa malees Abbitawu Kaabbadaa, Eebbisaa Addunyaa, Solomoon Dannaqaa, Haacaaluu Hundessaafaas maqaa dhahuun danda'a.

Artistoonni kunniin hojii bareedaa dhalootaaf olkaa'anii darbaniiru. Galaa hindhumnetu nuuf taa'e. Nutimmoo faanasaa buunee kanaa ol akka hojjennuuf imaanaafi ittigaafatamummaa guddaatu nurra jira. Kana beeknee hojjechuun barbaachisaadha.

Walumaagalatti Oromiyaa keessatti dhalatanii guddachuun mataansaa ga'umsa aartiin nama cimsa yoon jedhe naaf salphata. Oromoon yoo ajjeese geerara. Sun mataansaa kan irraa baratamu qaba. Kanaaf aadaan keessatti guddadhe mataansaa barsiisaa gaariidha jechuudha.

Bariisaa: Aartiin Leencoof maali? Akkamiin ibsa?

Artisti leencoo: Aartiin yoo ajjeeste geerartee gootummaakee itti ibsita, booree ittiin baafachuuf, quuqqaa, kuukkii keessakee jiru ibsachuuf, gootummaa kee agarsiisuuf sigargaara. Kan itti guddanne, hawaasa keenyarraa dhaallu, boris itti jiraannuudha. Gama kanaan muuziqaan keenya ergaa barbaachisu dabarsuu kakaasuu, si'eessuu humneessuu keessatti bakka olaanaa qaba.

Duula keessatti, qabsoo keessatti meeshaa waraanaatii ol shoora taphachuun Oromoofi Oromummaa guddisuu; isa hinbeekne barsiisuu keessatti gahee guddaa qaba.

Jireenyumti nuti jiraannu mataansaa aartiin kan guutameedha. Kanammoo maatiifi hawaasa keessatti guddaneerra dhaalaa deemna.

Gaafa sirnoonni gara garaa raawwatan aartiidhaan deeggaramu. Sun hundi hiika guddaa qabu. Waan nama barsiisu qaba. Kanaaf aartiin waamara keenya. Maallaqaan kan madaalamuun oli yoon jedhe wayya.

Bariisaa: Hojiilee kee keessatti walaloofi yeedaloon kan eenyuuti?

Artisti Leencoo: Yeroo baay'ee ofuma koon hojjetadha. Waan qofaa keessaa bahuun hindanda'amneef namootas nan hirmaachisa. Keessummaa dhimma seenaa wajjin walqabatu taanaan namoota seenaa beekanin gaafadha. Yoo aadaa ta'es akkasuma.

Bariisaa: Wayita walleewwan kee Muquuxaayee Saglii jedhaman hojjetetti duubdeebiin sii kenname maal fakkaata; Waan dhimma aadaatiin walqabataniif?

Artisti Leencoo: Duubdeebiin naa kenname bareedaadha. Akkan cimnee hojjetahu nataasiseera. Bu'uuruma sanaan aadaa hojjetaan jira.

Bariisaa: Sagliin maali? Walleekke waa'ee Iluu weellistee keessatti waan fayyadamteef?

Artisti Leencoo: Sagliin ilmaan Iluu Sagal kan bakka bu'udha. Innis eeboo baadheen weellise sanaan walfakkeeffama.

Bariisaa: Aadaa weellisuuf aadaa, seenaafi safuu beekuun barbaachisaadha. Gama kanaan ati maal fakkaata? walleewwan kee hedduun aadaadha.

Artisti Leencoo: Dhugaadha, aadaa weellisuu dura aadaa beekuun, qo'achuun barbaachisaadha. Isa kanaafimmoo aartii keessatti dandeeffii namoota baay'ee walitti ida'amee miidhagee dhaggeeffatama jechuudha.

Bariisaa: Wallee Aadaa Baalee “Walaabuu” jedhu alana gadhiifameen walqabatee hojii gaarii ta'uun himamaa jira. Ati Iluutti dhalatee Wallaggatti guddattee kan Baalee kun akkamiin sii milkaa'e?

Artisti Leencoo: Wallee Baalee alanaarratti kan nagargaare Ibraahim Maahaammad (Kataango) qooda guddaa fudhata. Gama muuziqaatiinimmoo Daawwit Taaddasaa nagargaareera. Kanaaf aartiin gaafa keessabeekettii wajjin hojjetamu miidhaga jechuudha.

Bariisaa: Warri Arsii nurra dabartee siinjedhaa jiru maali deebiinkee?

Artisti Leencoo: Dhugaadha. Akkuman wallee Walaabuu kana gadhiiseen warri Arsii maaliif nubira dabarte jedhaniiru. Achittis nandeebi'a; hunduu kanuma keenya.

Muuziqaan Oromoo hedduudha. Akka bishaan galaanarraa fal'aanaan waraabuuti. Waan muraasatu hojjetame malee ammallee fagoo kan deemuudha. Fuuldurattis hamma humnikoo danda'etti golawwan Oromoo hunda seenee fedhii aadaa, muuziqaan aartii nakeessa jiru baasuuf duubatti hinjedhu.

KEESSUMMAA BARIISAA

Dhugaa dubbachuuf jaalalarraa kan ka'e yaada kana feesbuukiirratti naa kaasaniiru. Hunduu waan kan koo ta'aniif fuulduratti irratti hojjechuuf kutannoon koo olaanaadha.

Bariisaa: Muuziqaan dhamaatee baay'ee qaba. Gaafa xumuramus hawaasa biratti mi'aaha, jaalatama. Ta'us galiin muuziqaarraa argamu akkami?

Artisti Leencoo: Waan sitti tolu hojjechuun galiin guddaadha. Galiin aartii muuziqaatiin argamu quufsaadha jechuun hindaanda'amu. Kun hojii fuulduratti ilaalluudha. Gara fuulduratti galiin guddaan argamuu akka danda'u beekken hojjetta dhimma yerootti.

Bariisaa: Artistoonni Oromoo konsartiifi waltajjillee gara garaarratti waamamanii galiin argachuurratti hanqinni akka jiru dubbatamaatii kanarratti maal jetta?

Artisti Leencoo: Dhugaadha. Konsartiifi waltajjiin artistoota Oromoof qophaahu daran gadaanaa waan ta'eef fooyya'uu qaba.

Artistiin galiin mataasaaf qofa kan socho'u osoo hintane aadaa, duudhaa, safuu, afoola Oromoo beeksisuufi guddisuu kan hammatu waan ta'eef abbootiin qabeenyaas xiyyeeffannoo kennanii otoo irratti hojjetanii gaariidha. Deeggarsi gama kanaan taasifamu cimnaan dhaloonni duuba jirus aartiifi muuziqaan Oromoo guddisuu keessatti kaka'umsa horata.

Otoo waltajjilleefi konsartiin muuziqaan qophaa'e artistoonni galiinsaani fooyya'a. Kun Oromoo biratti ammallee komii kan kaasisu waan ta'eef abbootiin qabeenyaas mootummaan dhimma kanarratti callisuu hinqaban.

Giddugaleessatti yoo ilaalle garuu akkuma kaleessarra har'a wayya jedhamu galiin muuziqaarraa argamu kan darberra amma fooyya'aadha jechuun ni danda'ama. Sababnisaa bara dukkanaa sana keessa muuziqaan Oromootiif konsartiifi qopheessuu madda galiin godhachuu mitiitii weellisuu, dhaggeeffachuun ulfaataa ture. Har'a garuu fooyya'insa agarsiisus ammallee xiyyeeffannoo kan barbaaduufi osoo irratti hojjetamee Oromiyaarra darbee biyyaafuu bu'aa guddaadha.

Biyyoonni guddatan indastirii muuziqaasaaniif xiyyeeffannoo kennanii waan hojjetaniif galiin irraa argamu muuziqeessaa qofa osoo hintane biyyaafillee kan hafuudha. Guddina dinagdee biyyaa cimsuu keessatti gahee guddaa qabaata jechuudha.

Bariisaa: Guddina indastirii muuziqaan keessa darbeefi amma irra jiru akkamiin ilaala?

Artisti Leencoo: Dhugaa dubbachuuf indastirii muuziqaan Oromoo takka ka'aa takka bu'aa dhufee as gaheera. Fakkeenyaaf warreen jahaatamoota ykn torbaatamoota keessa weellisaa ukkaamsaa hammamii keessa turaniyyuu hojii muuziqaan daran jaalatamaa ta'e kaa'aniiru.

Deemsa keessa bara Eebbisaa Addunyaafaan booda takka laaffatee ture duubarra garuu artistoota qaaliin kanneen akka Haacaaluu Hundeessaafaa bahaniiru.

Artistoonni hedduus fakkeenyummaasaanii qabatani baha jiru. Yeroo ammaa haala gaariirra jira. Deeggarsi barbaachisaa gama aartiin taasifamu cimnaan muuziqaan keenya madda dinagdee biyya keenyaa ta'uunsaa kan nama mamsiisu miti jechuudha.

Bariisaa: Sirbi dur hafe jedhama. Kan ammaafi kan durii gidduu

garaagarummaan jiraa?

Artisti Leencoo: Wanti hundumtuu dur hafe jedhama. Buddeenniyyuu kan durii yoo tolchamu fagootti urgaa'a. Dhimmi muuziqaan dur hafe jedhamu xiyyeeffannoo kennanii haalaan dhaggeeffachuu dhabuun ala har'as hojjetamaa jira.

Dhaloonni darbe warra har'aa dhaleera. Borus kanneen kanaa ol hojjetan nidhufu. Muuziqaafi aartiin keenya ammallee hintuqamne. Dhaloota aartiidhaan abidda ta'etu dhufaa jira. Kanaafis galtee guddaa kan ta'an hangafoota keenya.

Bariisaa: Muuziqaan Oromoo, Oromoo siyaasaan, dinagdeefi hawaasummaan cimsuu keessatti shoora akkamii taphateera jetta?

Artisti Leencoo: Oromoon har'a mitii gaafa ajjeese galuyyuu geeraree gootummaasaa ibsata. Yoo quuqqaa qabaates geeraree quuqqasaa ibsata jechuudha.

Duubatti deebinee yoo ilaalle warraaqsa siyaasaa akka biyyaatti taasifamaa ture keessatti walleen onnachiistuu, ibsituu celaa, si'eessituu ta'ee tajaajila. Gabaabaatti rasaasa mi'aahaa fira onnachiistu, kaan ammoo bobeeessuudha.

Qabsoo siyaasaa gaggeeffamaa ture keessatti ergaa muuziqaan keenya dabarsaa ture injifannoo inni galmeessisaa dhufe har'as itti jiru kan nama jajjabeessuudha. Muuziqaan ergaa gadi fagoo qaba; aadaafi duudhaa ummata tokkoo agarsiisuu qofa miti eenyummaa akkasumas dhaamsa dhalootaaf dabarsuuf kan gargaaruudha.

Bariisaa: Indastirii Muuziqaan Oromoo guddisuuf sochiin mootummaafi abbootii qabeenya akkamiin madaalte?

Artisti Leencoo: Dhimmi kun kan ciminaan irratti hojjetamuu qabuudha. Abbootiin qabeenya akkasumas mootummaan deeggarsa barbaachisu taasisuun muuziqeessaa qofa otoo huntaane hunda kan fayyaduudha.

Kun ta'uu dhabuusaan indastirii muuziqaan keenya galiin barbaachisu argamsiisuu akka hindandeenye beeknee osoo irrattihojjenne biyya keenya beeksisuu bira darbee dinagdeedhaafillee bu'aa guddaa kan buusuudha.

Bariisaa: Muuziqaan hojii garee yoo ta'e bu'aa buusa. Hariiroon waliin hojjechuu artistoota Oromoo gidduu jiru maalfakkaata? Maalis taajjabde?

Artisti Leencoo: Waljibbi hinjiru. Hunduu waan dinagdeedhaan hincimneef walitti dhufuurratti hanqinni jira. Siyaasni darbe nufaffaacaaseera. Kaan biyyaa baaseera. Akka walitti dhufnee hinhojjenne nutasiseera. Hara'a mataa walitti qabannee hojjechuun nurraa eegama.

Yoo waltaane indastirii muuziqaan Oromoo guddisna, addunyaati beeksisna, madda galiin keenya jabeessina. Biyya keenyaaafis bu'aa buusna. Kanaaf waltaanee hojjechuun murteessaadha.

Dhugaa dubbachuuf artistoonni keenya dandeettii addaa qabu. Yoo dandeettiisaanii kana walitti ida'anii hojjetan bu'aa olaanaa galmeessisuun nidanda'aman jedha. Indastirii muuziqaan keenyas gaafa waltaane cimaa deema. Kanaaf dhimma waliin hojjechuurratti ammallee ofilaaluu qabna.

Bariisaa: Artistoonni Oromoo osoo walta'anii ofirra darbanii biyyaaf bu'aa hinbuusanii?



Artisti Leencoo: Kun dhugaadha. Osoo waltaanee waliif taana. Ofirra dabarree biyya keenyaaf taana. Kanamalees indastirii muuziqaan addunyaa keessallee galtee bu'aa buusuu dandeenya. Biyyoota indastirii muuziqaatiin fagaatanirraa barachuu qabna. Hariiroo waloo cimsuun dirqama nurraa eegamudha.

Bariisaa: Biyyoota guddatanitti aartiin muuziqaan madda galiin dinagdeeti. Keenya akka akkas ta'uuf maaltu nurraa eegama?

Artisti Leencoo: Faffacaanee deemuun numiidha. Deeggarsa mootummaafi abbootii qabeenya dhabuunis akkasuma. Kanaaf muuziqaan keenya madda galiin keenyaa akka ta'uuf cimnaan hojjechuun hariiroo keenya cimsuun barbaachisaadha. Muuziqaan keenya bilchina walaloo yeedaloo ergaa gadi fagoo qaba. Kun gadi bahee addunyatti osoo mul'atee indastirii muuziqaan keenyaa dorgomaa taasisa.

Bariisaa: Artistoota Oromoo yeroo ammaa bahaa jiran akkamiin ibsata? Ga'umsa aartiin, bilchina walaloofi yeedaloon jaalatamummaa isaan argachaa jiran jechuu kooti?

Artisti Leencoo: Artistoonni yeroo ammaa bahaa jiran keessumaa walaloofi yeedaloodhaan bilchina guddaa qabu. Qindeessitoonni muuziqaan keenyallee teknolojiidhaan deeggaramanii miidhagina muuziqaan keenyaatiif murteessitoota ta'aa jiru. Kunniin hundi kutannaa Oromoon aArtiisaa guddisuuf qabu, fedhiif dandeettiin kan itti walsime kenna guddaadhan jedha.

Bariisaa: Artisti Leencoon gaa'ela ijaarrateeraa?

Artisti Leencoo: Gaa'ela ijaaruufan qophaa'aa jira. Yoo Rabbi nagargaare yeroo dhiyootin fuudha.

Bariisaa: Muuziqaakee Walaabuu jedhamu sanattin sideebisaatii walaloofi yeedaloodhaan kan sideeggaran eenyu fa'i, tarii loqonnillee nama rakkisuu malaa?

Artisti Leencoo: Gama kanaan akkuman dura sii kaase Ibraahim Muhammad (Kataangoo) shoora olaanaa taphateera. Muuziqaan hirmaannaa ogeeyyota baay'een deeggaramee miidhagee kan dhaggeeffatamuudha.

Bariisaa: Walleekke Baalee Walaabuu

dhiyoo baastetti milkoofteettaaree?

Artisti Leencoo: Inni guddaan miirakee gammaachiisu yoo jiraate duubdeebii ummatakeerraa argattuudha. Isatti gammadeera. Akkan daran cimee hojjetu kan nataasiseedha. Dhimmi galiin wajjin walqabatu adeemsa keessa kan ilaalamuudha.

Galiin keenya hamilee ummata keenyarraa argannuudha. Gabaabumatti hojjiisaatti milkaa'eera, namatti tola. Hojii hirmaannaa ogeessota muuziqaatiin miidhagee gurra ummataatiin gahameedha, bareedaadha.

Bariisaa: Artisti Leencoon kana booda ummataasaati maaliin deebihaa?

Artisti Leencoo: Yoo Rabbi nagargaare albami biraatiin dhufuuf qophiitan jira. Hojiin aartii bu'aa bahii baay'ee qaba, amma ittin jira.

Bariisaa: Akkuma dura kaaste godinaalee Oromiyaa biroorrattis hojjechuuf fedhii qabda, irratti hojjetaa jirtaaree?

Artisti Leencoo: Eeyyee, hamma naa danda'ametti dandeettiin qabutti fayyadamee aartii Oromoo baasee agarsiisuuf hinwaakkadhu, waadaadha.

Bariisaa: Dhumarratti ergaa artistoota Oromoof qindeessitoota muuziqaaf hawaasa Oromoof qabdu yoo jiraate.

Artisti Leencoo: Artistoonni Oromoo jabaadhaa tokko ta'aa waliin hojjetta indastirii muuziqaan keenya gabaa addunyaati beeksisuuf madda galiin gochuuf hojjechuun barbaachisaadha.

Dinqisiifattoonnikoo milkaa'ina muuziqaakoof deeggarsa ogummaa gara garaa kan naa taasistan marti keessan galatoomaa ulfaadhaan jedha.

Bariisaa: Warra wallee godina keenyarratti hinhojjennee hojjechuu qabda jedhanii jaalala hojjiikeef qaban ibsaniif deebii qabdaa?

Artisti Leencoo: Hinhafu, nan dhufa. Hunduu kanuma keenya. Albami haaaraan deebihuufan jira.

Bariisaa: Turtii yerookeef maqaa gaazexaa Bariisaatiin galatoomin jedha.

Artisti Leencoo: Isinilleen galatoomaa!

Abbaa Sa'aa

Maanaajimantii Odeeffannoo Fooyya'aa: Konistiraakshinii fooyya'aaf

Saamraawit Girmaatiin

Indastiriin konistiraakshinii Itoophiyaa yeroodhaa gara yerootti fooyya'iinsa agarsiisaa ALA bara 2024-2027tti waggaatti guddina dhibbantaa saddeet akka agarsiisu qorannoon raga damichaarratti jiru ni mul'isa. Hojii waggoota darban hojjetamaniinis bu'aa jajjabeessaan galmaa'eera. Ijaarsawwan bu'uuraalee misoomaa baay'inaan raawwataman guddina investimantii biyyaatiifillee gahee olaanaa gumaachaniiru.

Akka Oromiyaattis zooniiwwan indastirii, manneen qusannaa, daandii, bishaan, jallisii, buufata xiyyaaraafi gamoowwan gurguddoo ijaaruun guddina damichaa saffisiisaa jira. Ta'us ijaarsawwan biyyattiitti raawwataman keessaa %80 ol kan ta'an bajataafi yeroo jedhametti xumuramuu dhabuusaanii akkasumas, muuxannoon ogeessoota damichaa hanga barbaadame akka hintaane qorannoowwan nimul'isu.

Sababoota harkifannaa pirojektotaa keessaas ga'umsa kontiraaktarootaa, deggarsa bajataa sirrii, hordoffiin karooraafi raawwii laafaa ta'uu, sadarkaa ijaarsarratti fooyya'insi dizaayiniifi jijjiiramoonni yaadiddamaa jiraachuu dhabuu, qaala'ina gatii meeshaalee ijaarsaa, karoorri qindoominaa dhibuu, naamusaafi hojmaata badaa akka fakkeenyaatti kaasuun nidanda'ama.

Rakkoo kana kan hubate Mootummaan Naannoo Oromiyaas damichaaf xiyyeeffannaan akka kennamu kallattii kaa'uun hojjetaa jira. Sektarri dhimmichi kallattiin ilaallatu Abbaan Taayitaa Konistiraakshinii Oromiyaas hojiilee hedduu hojjetaa jira.

Keessumaa ogeessoonni damichaa akka muuxannoo waljijjiiraniif, walitti hidhamiinsa hojii akka uummataniif akkasumas, kalaqawwan teknoloojii haaraa konistiraakshiniif galtee ta'an akka itti dhihaataniif Waldaa Konistiraakshinii Oromiyaa waliin ta'uun fooramii hundeesseera; fooramiin jalqabaas torban har'aa Finfinnee, Hoteela Iskaayilaayititti adeemsifameera.

Sirnicharratti haasaa kan taasisan Daarektarii Abbaa Taayitaa Konistiraakshinii Oromiyaa Injinar Naatinaa'el Geetaahun akka jedhanitti, fooramiin yeroo jalqabaatiif adeemsifame kun wagga waggaan kan adeemsifamu yoo ta'u, kaayyoowwan eeraman cinaatti, hudhaaleen damee konistiraakshinii keessa jiran adda baasuun kallattii fuulduraa kaa'uuf akkasumas, kallattii ijoo mootummaa taasisuun damichi bilchina olaanaan akka gaggeeffamu taasisuufi.

Biyyattiin qabeenyawwan uumamaatiin kan badhaate taatullee, abbootiin qabeenyaa rakkoo kana furuun galteewwan konistiraakshinii biyyuma keessatti akka omishaman taasisaa akka hinjirre kaasanii, keessumaa yeroo ammaa Itoophiyaan biyyoota magaalotasaanii babal'isaa jiran keessaa tokko ta'uunshee rakkiniha hammeessuu himu.

Fedhiin mana jireenyaafi bu'uuraalee misoomaas guyyuu dabalaa buluun,



Hirmaattota fooramichaa keessaa

mootummaan caalaatti damee kanaaf xiyyeeffannaa akka kennuuf kan dirqamsisu ta'uu kan himan daarektarichi, baay'ina ummata magaalaa yeroo gara yerootti dabaluuftarraa hojii uumuufi gaaffii bu'uuraalee misoomaa deebisuun yoomiyyuu caalaa dhimma xiyyeeffannaa barbaadu ta'uu ibsu.

Akka ibsasaaniitti, hojii mootummaan wayita ammaa babal'ina bu'uuraalee misoomaarratti hojjetaa jiru dameen konistiraakshinii dinagdee biyyaa keessatti gahee olaanaa akka qabu agarsiistuudha. Kanarraa ka'uun damee kana ammayyeessuuf imaammatawwan qopheessuufi fooyyessuurratti xiyyeeffatee hojjetaa jira. Keessumaa dameen teknoloojii misooma dinagdee biyyattii akka deggaruuf xiyyeeffannaa addaa kenneeraaf.

"Ta'us indastiriin konistiraakshinii biyyattii kaappitaala gahaa qabaachuu dhabuun, dhiheessiifi fayyadamni galteewwanii gadaanaa ta'uun, hanqinoonni teknikii, kalaqaa, hoggansaafi faayinaansii gadaanaa ta'uun, hanqinoota hirmaannaafi muuxannoo damichi haala barbaadameen akka hinguddanneef danqaa ta'eera" jedhu.

Rakkooleen eeraman kunneeniifi kanneen biroo garuu tattaaffii mootummaan taasisuun qofa hiikkachuu kan hindandeenye ta'uu kan himan Injinar Naatinaa'el, waltajjii abbootiin gahee irratti walarganii yaada waljijjiiran qopheessuun barbaachisaa ta'uusaatiin fooramii kun hundaa'uu dubbatu. Abbootiin gahees hanqinoota jiran ifatti baasuun fooyya'iinsa damichaatiif hojjechuu akka qaban dhaamu.

Daarektarii Abbaa Taayitaa Konistiraakshinii Itoophiyaa Injiinar, Masfin Nagawoo gamasaaniin, fooramiin akkanaa rakkooleefi carraawwan jiran irratti dubbachuun kallattii gara fuulduraa waliin kaa'uuf akka fayyadu himanii, konistiraakshinii qulqullina qabuufi haala jijjiirama qilleensaa darbees haaloota idil addunyaa ce'uun dhalootatti darbuu danda'u ijaaruuf qaamni hundi ga'ee irraa eegamu ba'achuu akka qabu himu.

Kana malees konistiraakshiniin haala siyaas dinagdee biyyaa wajjiin deemu jiraachuun dirqama ta'uu ibsanii, keessumaa hanqina galteewwanii damee kanarratti mul'atu furuun barbaachisaa ta'uusaatiin

yeroo yerootti marii adeemsiisuuniifi ifatti dubbachuun barbaachisaa ta'uu kaasu.

Dabalataanis damee kana teknoloojii humna nama barateen deggaruun barbaachisaa waan ta'eef waltajjii waliinii qopheessuun murteessaadha jedhu. Kanaaf qooda fudhattoonni damichaa hudhaaleen konistiraakshinii hiikamanii fedhiin ijaarsaa biyyattii guutuuf xiyyeeffanaan akka hojjetaniif waamicha dhiheessu.

Inistitiyuutii Manaajimantii Konistiraakshinii Itoophiyaatti ogeessi ijaarsaa Injinar Fallaqa Asaffaa barreeffama marii waltajjicharratti dhiheessaniin akka jedhanitti, dameen konistiraakshinii rakkoolee qabu keessaa ba'ee sadarkaa barbaadamurra akka ga'uuf maanaajimantiin odeeffannoo fooyya'aa (Better Information Management- BIM) barbaachisaadha.

Kanarraa ka'uun inistitiyuutiinsaani pirojektota biyyattiitti hojjetaman yeroo, qulqullinaafi gatii maluufiin hojjetamani akka xumuramaniif mootummaan itti amanee erga hundeessee kaasee dhaabbata hojjetaa jiruu ta'uu himanii, dameen konistiraakshinii sadarkaa barbaadameerra akka hingenyeef hudhaa olaanaa kan itti ta'e odeeffannoon dhaabbataa ta'ee jiraachuu dhabuusa ta'uu hubachuunis irratti hojjetaa jiraachuu himu.

Qaamni pilaanii taasisu, dizaayinii hojjetuufi hojii konistiraakshinii hojjetu yeroo waliif kennee irratti mari'atee hubannoo waliiniitiin hojjechuu dhabuun ijaarsa diiziyaaniisaa wal hindubbisne hojjechuuf saaxilaa jiraachuu ibsanii, sababa odeeffannoo guutuu jiru keessaa hanqisaa deemamuuf ammoo sadarkaafi qulqullinni ijaarsaa gadi bu'aa deema jiraachuufi qabeenyi, humniifi yeroon qisaasamaa jiraachuu dubbatu.

Kana fooyyessuuf 'BIM' akka biyyaatti qabaachuun murteessaa ta'uufi teknoloojii kana fiduun odeeffannoo bakkaa bakkatti caccabe walfakkaataa taasisuuf akka fayyadu eeranii, karoorarraa eegalee hanga hojii ijaarsaati haala walfakkaataan yaaduufi hojjechuuf kan dandeesisu ta'uu himu. Kana jechuun ogeessoonni ykn abbootiin gahee addaddaa yoo hojjetaniillee haala walfakkaatuun dubbisani hubachuuf kan isaan dandeesisu ta'uu addeessu.

"Akka qorannoon damee konistiraakshinii

biyyoolessaa agarsiisanitti pirojeektiiwwan kaappitaalaa ijaaraman keessaa %85 kan ta'aan haala karoorfameen hinhojjetaman. Akkasumas %93 yeroo jedhameeffitti hinxumuraman. Gama baasiitiinis waggaatti doolara miliyoona 280 qisaasamaa jira. Rakkoon kun akka biyya keenyaattis gatii olaanaa dhimma nu kanfalchiisaa jirudha. Keessumaa pilaatfoormiin hojii walfakkaataa hojjechuuf nu dandeesisu diriiree waan hinjirreef rakkiniha hammaataa taasisa" jedhu.

Akka ibsasaaniitti inistitiyuutiin kun ALA bara 2016 Baankii Addunyaa waliin ta'uun, haala raawwiin pirojektotaa meegaa 52 (bishaan, daandii, ibsaafi kkf) qorachuun baasiin %36n caalmaa agarsiisaa jiraachuu mirkaneesseera. Kanaaf indastiriin konistiraakshinii biyyattii jijjiiramaafi fooyyeesawwan hedduu kan barbaadudha.

Rakkoo kana hiikuuf hojiileen konistiraakshinii karoora hanga raawwiitti walhindubbisne dijitaalawaa taasisuu akka barbaachisu kaasanii, isa kanaaf ammoo maanaajimantii odeeffannoo fooyya'aa 'BIM' hojiirra oolchuun kan gaafatu ta'uu kaasu.

Sirnichi yommuu hojiirra oolu ogeessoonni sadarkaa sadarkaarra jiran hundi ittigaafatamaasani qixa sirriin akka ba'an waan taasisuuf hojiin konistiraakshinii yeroo, baasiifi humna namaa qusatee qulqullinasaa eegatee akka raawwatu akka fayyadus ni eeru.

Sirnichi qaama konistiraakshiniirratti hirmaatuuf qofa osoo hintaane isa ijaarsawwan garagaraa ijaarsifatuufis odeeffannoo ifa ta'e kennuun, yoom, qarshii hammamiin, humna namaa hammamiin, diizayinii kamiin yoo hojjetame gaarii ta'a isa jedhu odeeffannoo kan kennuufidha jedhu. Yoo itti gammaduullee baatanii jalqabarraa kaasee waan ilaalaniif sirreessisuuf carraa kan uumuu ta'uunsaa filatamaa akka taasisu himu.

Hirmaattootni fooramichaas yaada kennaniin waltajjiin akkanaa qophaa'uunsaa keessumaa rakkoo qulqullinaa, dafanii xumuruu, baasii garmaleef saaxilamuufi kkf damee konistiraakshiniirratti mudataniif furmaata waloo barbaaduuf carraa bal'aa waan uumaniif ittifufiinsa qabaachuu akka qabu kaasu.

AADAIFI AARTII

Gahee duudhaaleefi dhaabbileen aadaa nagaafi tokkummaa sabootaa waarsuu keessatti qaban

Aadaa Oromoo keessatti duudhaan naga, tasgabbi, tokkummaafi waldanda'uu ilmoo namaa falaasama Oromoon namummaaf/horoomaaf qabuun walqabata. Namummaan sirna beekumsaa Oromoon Seera Waaqaa ittiin hubatu, hiikatuufi ittiin jiraatuudha.

Seera Uumaa-uumamaa beekani kabajani ittiin jiraachuudha. Namummaan/horoomni waan hedduu hammata; jaalala, kabaja, waldanda'uu, tokkummaa garaagarummaa keessaa, walii qooduu, walii yaaduu, walhubannoo, hiriyyummaa, dhiifamsa, tokkummaa, haqa garaa fayyisu, araaraafi nagaan waliin jireenyaafi kkf dha.

Namummaan namaa hariiroo gaarii ilmoo namaa Waaqaafi uumama biroo waliin qabuun safarama. Horoomni jirbii namummaati; faallaa horii/qabeenyaati. Horiin horoomaan/namoomaan masakamuu qaba. Namummaan safuun qajeelfama. Safuun waan ilmoo namaa bineensota kaanirraa adda taasisuudha. Safuun akka namoonni seerota uumamaa seera Waaqaatiin walitti hidhaniifi gochoota ofiis seerota kanneen eegani raawwatan gargaara.

Safuun nama gabroomsuu /xiqqeessuu/ tuffachuu/kabaja dhoowwachuu, afaan baduu, sobuu/kijibuu, hatuufi kkf dhoorkuuf fayyada. Safuu beekuun bu'uura beekumsaati; ogummaa duraati. Qabeenyi ardiifi samii kana jidduu jiru kan uumama cufaati; kan waliiniiti jechuudha. Ilmi/intalli, lafti, malkaan, karaan, maddaa margi...kan biyyaati/gosaati.

Duudhaalee Oromoofi saboota biroo jidduutti nagaafi tokkummaa waarsan

Akka Oromoon amanutti ilmoo namaa hunduu hidda tokkorraa dhalate; Waaqni Uumaa hundaati. Kanaafuu, ilmoo namaa hunduu ijoollee Waaqaati. Garaagarummaan ilmaan namaa akka garaagarummaa ijoollee lakkuu gadaameessa tokko keessaa waliin dhalataniiti. Ilmoon namaa hunduu walqixa; kanaaf namoota Oromoo hintaane walqixa qofa osoo hintaane akka obboleessaafi obboleettiitti ofitti qaba.

Ulaagaan jabaan ilmoo namaa jidduutti naga, tasgabbiifi tokkummaa waarsuu nama kamuu walqixa akka obboleettiifi obboleessaatti fudhachuudha. Falaasamni Oromoo namooma irratti bu'uurefame. Afrikaa keessaa Oromoon saba akkaan garaa bal'atuufi 'anaadhufu' jedhee nama simatuudha.

Seenaa isaa keessatti orma akka dhuunfaatti/gareetti ofitti makuun/ofitti qabuun beekama. Kan horoomuu barbaadu horoomsee kan hinbarbaanne ammoo akka ollaatti nagayaan waliin jiraata. Kan dhiigaan Oromoo ta'ee aadaafi duudhaa isaatti buluu dide Oromummaa irraa mulqee of keessaa baasee, orma aadaafi duudhaa isaa jaalatee dhufe horoomsee mirga guutuu kenneefi ofitti fudhata.

Namni Oromoo hinta'in kan Oromootti dhufe kamuu qixuma Oromoon tokko simatamuun simatamee mirga aadaan Oromoo namaaf kennu cufa gonfata; akkuma lammii Oromootti fudhatamanii mirga jiloota Gadaafi kanneen biroo hogganuu argatu; Oromoon walqixummaa namummaa xiyyeeffatutti amana jechuudha.

Oromoon ofii ulfina argachuuf dursee warra biraa ulfeeffata; ulfina warra biraatiif kenne



deebisee irraa eeggata. Dabsuu, danqu, haqaqqaaluun, gidirsuu, dhiibuu, miidhuufi waan biraan afaan sabichaafi Sirna Gadaa keessatti hinmul'atan; afaaniifi aadaan Oromoo afaan/aadaa jilaa/seedaa/laguuti. Namni jabaan warra/balbala/gosa keessaa dhalachuun yoo hanqate fagaatanii saba ollaa Oromoo jiraatu irraa fuudhu/itti heerumsiiisu.

Oromoon ilmoo namaa qofaaf osoo hintaane qabeenya uumamaa kamiifuu safuufi safeeffannaa qaba. Seera Raammoo Raarattii, Seera Mukaa Mokkonnoofi kanneen biroo kaasuu ni danda'ama. Bineensooniifi mukkeen hedduun gosa Oromoo itti waamaman qabu. Fkn Leenca, qorkee, daarabaaftuu....

Akka duudhaa Oromootti, diina fedhe yoo ta'e dagu hinwaraanan, dubartoota, daa'immaniifi manguddoota hindhahan, horii hinajjeesan, manaafi midhaan hinguban, nama harka kennate hinajjeesan/hingabroomsan, ollaa aara manasaa argu, baroochuu kormaa/mar'ata sa'asaa dhaga'u, maddaa marga walitti qabuun hintuqu, nama dhiisii bineensuu waan ollaa ofii hintuqu, ollaafi dugdaan lafaa ka'u, ollaafi aduutti gadi bahu.

Dhaabbilee saboota, sablammootaafi ummatoota jidduutti nagaafi tokkummaa waarsan

Saboonniifi sablammoonni Itoophiyaa hundumtuu duudhaaleefi dhaabbilee tokkummaa, nagaafi tasgabbi keessoosaaniifi ummatoota ollaa waliin ittiin waarsan qabu. Dhaabbileen kunniin duudhaalee, sonoota, naamusa/safuu, amantaalee, qajeelfamootaafi seerota hawaasa keessatti sirnaan beekamaniifi fudhatummaa olaanaa qabaniidha. Dhaabbilee saboota, sablammootaafi ummatoota jidduutti naga, tasgabbiifi tokkummaa waarsan hedduu jiran keessaa gurguddoo ilaalla.

1. Madaa

Dhaabbata aadaa saboota Affaar, Oromoofi Somaalee jidduutti naga, tasgabbiifi tokkummaa waarsuudha. Saboonni kunniin walkeessa bayanii akka galan, aadaafi duudhaa walii kabajuun akka waldanda'an, hennaa rakkoo waliif akka birmatan, hennaa makkoo waliin akka jilataniifi kkf keessatti gahee olaanaa qaba. Walitti bu'iinsi yoo uumames dafee dhaqqabee araara buusuudhaan haqaafi

dhugaa jallatte qajeelcha.

2. Garab

Dhaabbata aadaa Saboota Affaariifi Tigree jidduutti nagaafi tokkummaa waarsuuf hojjatuudha. Gumiin dhaabbata kanaa yeroo adda addaatti taa'uudhaan haala waliigalaa nageenyaafi tasgabbi naannolee lameenii mari'atee kallattii kaaya. Waldhabdeen kamuu yoo uumame hundeedhaan fura.

3. Jaala

Sirna Sabootni kibba dhiha Itoophiyaa kanneen akka Darasheefi Koonsoo waliin qaban; makkoofi rakkoo akka waliin qooddatan taasisuudha.

4. Mijiim

Dhaabbata duudhaa hawaasaa saboota Gumuziifi Awii jidduutti naga, tasgabbiifi tokkummaa waarsuudha. Saboota kanneen jidduutti namoota dhuunfaa irraa kaasee naga, tasgabbi, tokkummaa, waliin jireenya, waldeeggarsiifi kkf akka jiraatu taasisa.

5. Gurraacha

Saboota akka Oromoo, Silxee, Guraagee, Sooddo, Maaraqoo, Masqaanaafi Halaabaa jidduutti naga, tasgabbiifi tokkummaan akka waaru taasisa. Jaarroleen dhaabbata gurraachaa jaarsa naga jedhamaniis ni waamamu. Jaarsi dhaabbata gurraachaa hogganu Abbaa Gurraachaa jedhama. "Abbaa Gurraachaatiin si qabe ykn Abbaa Gurraachaa sodaadhu ykn buyyaa gurraachatu nu jidduu jira" jedhu. Gurraachi hedduu sodaatama/kabajama; jaarsa gurraachaa fuuldura dhaabatanii sobuun hindanda'amu, namni jaarsa gurraacha dura dhaabatee sobe achumatti dhiiga haqqisa jedhamee amanama.

Qaama waldhabdee hiiku kamuu olitti amanamaadha; "dubbiin jaarsi gurraachaa qabe dubbii Waaqni" qabe jedhu. Gurraachi hawaasa ollaa jidduutti ilaaf ilaamee uuma; waldhabdee hanqisuu, to'achuufi ittisurratti ummatoota ollaa kakaasuudhaan walitti fida.

Waldhabdee uumameen boodas hariiroo ummatoota ollaa deebisee ijaaruufi ceesisuun akka isaan nagayaan waliin jiraataniif gumaacha guddaa qaba. Yeroo rakkoo walitti dheessuu, walkeessa daldalachu, waldhabdee daangaa ittisuu/hanqisuu/hiikuu, daangaa daangeessuu, hannaafi saamicha ittisuu/deebisiisuu, dubbii dhaddacha biratti fala



Leeniin Quuxoo

dhabde furuufi kkf hojilee ijoo gurraachaati.

6. Michuu

Dhaabbata sabootni Oromoo, Amaaraa, Shinaashaa, Gumuziifi Agawoo naga, tasgabbiifi tokkummaan waliin akka jiraatan taasisuudha. Saboonni kunniin akka bilisummaafi nagayaan walkeessa bayanii galaniifi waldhabdeele isaan jidduutti uumama karaa nagayaan furataniif gumaacha guddaa qaba. Laga Abbayyaa gamaa gamana bilisummaan akka socho'an gochuun nageenya namootaafi qabeenya isaanii mirkaneessa.

Sababoota adda addaatiif yoo walkeessa bobba'an nyaachisanii walobaasu, waliin nyaatanii garaa walnyaatu, walbulchani walgaggeessu; eegumsa waliif taasisu. Waldhabdeewwan ittisuu/hanqisuu naga, tasgabbiifi tokkummaa sabootaa waarsuu keessatti gumaacha olaanaa qaba.

7. Guddifachaa

Dhaabbata/aadaa Oromoon ilmoo namaa kaan irraa addatti qabuufi ilmoo namaatiif gumaachedha. Finna yoo dhaban dhaloota itti fufsiisuuf, ilmeen nama dhaaltu yoo kan hinjirre ta'e, manguddummaatti dhalli nama dagalchu yoo hinjiru ta'efaa raawwatama.

Daa'imman sababoota adda addaatiin maatii dhabanis niguddifatamu. Ilmoon guddifatamte akkuma ilmoo gudeedaa warra guddifateetti ilaalamuun mirga ilmoo gudeedaa argattu hunda argatti. Erga guddifatanii boodas ilmoo yoo argatan, ilmoo guddifatamte sun hangafuma taatee mirga hangafni argatu argachuu itti fufti.

Nama waraana keessatti booji'an mirga namoomaa irraa hinmulqan. Boojuun hinajjeefamu ykn hingabroomfamuu. Boojuun guddifachaadhaan horooma ykn gara saba irraa booji'ameetti deebifama. Gaafa boojuu guddifatan jilli guddaan qophaa'ee hawaasni bal'aan ba'ee akka gara fuulduraatti akka ormaatti ilaaluun hinjiraaneef Abbaa Gadaatiin kakachiifama. Nama kakuu kana cabsee boojuu guddifatamee akka ormaatti ilaalame adabbii cimaan hanga ofkeessaa baasanii diinoomsuu itti muramuu danda'a. Kanaafuu, ilmoo boojuu yoo guddifatame mirga ilmoo Oromoo argatu hundumaa ni argata jechuudha.

Qarreefi Qeerroo

Moodeel Saadaam Qaasiim: Qeerroo Oromoo moodeelingiidhaan waltajjii idiladdunyaarratti injifate

Saamraawit Girmaatiin

Yeroo baay'ee gaafa dorgommii miidhaginaa ykn moodeelingii jedhamu sammuu keenya keessa kan dhufu shamarree dheertuu, qal'oo mudhii soonsaa, fuula toleettiifi gaafa deemtu miilashee waljalaa dabarsaa deemtuudha. Dorgommiiwwan miidhaginaa yeroo baay'ee qophaa'anis shamarran irratti kan xiyyeeffataniidha.

Amma amma garuu kun waan jijjiiramaa dhufe fakkaata. Dhiironni hedduunis gara indastirii moodeelingiitti makamaa jiru. Dorgommiiwwan biyyaaleessaafi biyyoolessaa dhiirota hirmaachisanis qophaa'uun bareedaa filachuun beekamtii kennuuratti argamu.

Barreeffama keenya kanaanis waa'ee dorgommii miidhaginaa ykn moodeelingii dhiirota kaasuu osoo hintaane, qeerroo Oromoo tibbana sadarkaa biyyoolessaatti dorgomuun aadaafi eenyummaasaa waltajjii guddaarratti beeksisee injifate isin dubbisiisuufi.

Godina Arsii Lixaa, Aanaa Qoree, Ganda Shifaatti dhalatee, magaalaa guddittii Oromiyaa Finfinneetti kan guddate Moodeelli idiladdunyaa (international model) Saadaam Qaasiim dhiheenya kana waldorgommii moodeelingii biyya Filippiinsitti taasifamerratti dhiirota biyyoota addaddaarraa baba'an waliin biyyasaa Itoophiyaa, akkasumas Ardii Afrikaa bakka bu'uun hirmaatee injifateera. Kanaanis 'Man of The Globe International Pageant' jedhamee badhaasawwan garagaraafi beekamtii argateera; gonfoo miidhaginaas goonfateera.

Ijoollummaasaarraa kaasee moodeelingii fedhii olaanaa akka qabuufi uffata mana barnootaa (yunifoormii) uffatullee kan warra kaaniirra adda taasisuuf haalota addaddaatiin miidhagfataa akka tureedha moodeelli gaafdeebii Gaazexaa Bariisaa waliin taasisen kan ibse. Gara Finfinneetti dhufuunsaa immoo fedhiisaa kana barnootaan akka deeggaratuuf karaa banuullee ni hima.

"Moodeelingii jechuun moodeela faashinii ta'uudha. Wantoonni baay'een moodeela ni qabu. Fakkeenyaaf bilbila, konkolaataafi kkfn moodela qabu. Namni garuu faashiiniidhaaf moodela ta'a malee moodeela ofiisaa qaba jechuu miti. Kanaaf namni moodeeliidha jedhamu aadaa, turiizimii, uffannaafi wantoota biroo kan biyyasaa beeksisuurratti hojjeta jechuudha" jedha.

Innis erga addunyaa moodeelingiitti makamee waggoota shan akka ta'u eeree, dorgommii biyya keessatti waggaa tokkoof qophaa'aa tureefi "Ethiopian Next Top Model" jedhamu moodeelota dhiiraa 100 ol hirmaachisuun qophaa'erratti hirmaachuun babbareedoo shan keessa seenuus, dorgommichi sababoota garagaraatiin xumurrisaa hingaggeeffamiin hafuu hima. Isa booda ofiisaatiif taateewwan garagaraa qopheessuun, beeksisawwaniif kilippiiwwan muuziqaa hojjechuufi dorgommiiwwan faashiniiratti bal'inaan hirmaachuu ittifufuusaa ibsa.



Keessumaa sirbi suursagalee Artisti Shukurii Jamaal "Ammuma" namoota baay'ee biratti akka beekamu karra banuufi kan himu Moodeel Saadaam, carraa isa waliin hojjechuu kan argates "dhaabbiin keessan walfakkaata" jechuun eeruu namootaatiin ta'uu dubbata.

Biyya indastiriin moodeelingii hangas mara itihinguddannetti hojii kanarratti hirmaachuun daran rakkisaa ta'uu eeree, akka namoonni fagoodhaa tilmaaman jireenya qanani jiraachaa osoo hintaane bu'aa ba'ii hedduu keessa darbee sadarkaa kana ga'uu hima. Hojiiilee kanfaltii malee hojjechuu, bakka sagantaaleen addaddaa jiru miilaan deemuu, nama indastiricha keessa jiru waliin walbeekuu dhabuufi kanneen biroon wantoota isa mudatan keessaa muraasa ta'uu kaasa.

Biyya keessattis agarsiisa faashinii 'One of Africa Fashion' jedhamu waggaa waggaa qopheessaa akka jiru himee, baranas yeroo lammaffaaf qopheessusaafi kanaanis dizaayinaroonni huccuu aadaa Oromoo, bifa ammayyaatiin hojjechuufi agarsiisaniif hojjechuus ni ibsa.

Kanneen dabarsuunsaa garuu biyya keessaa darbee waltajjii addunyaarrattillee akka hirmaatuuf carraa banuufi kan himu



moodeelli kun, dorgommii Filippiinsi dhiheenya irratti injifates haala kanaan argachuu hima. Dorgommicha bara darbe yaalaa turus viizaa argachuu dhabuufi hanqina maallaqaatiin deemuu akka hindandeenye yaadata.

"Biyya keenyatti ilaalchi moodeelingii jiru gadaanaadha; akka gaariitti hinhubatamne. Akka addunyaatti sadarkaa olaanaarra qaqquuuf akka Afrikaafi biyya keenyaatti umurii dheeraa hinqabu. Inni kun garuu waan jijjiiramu qabuudha. Namoonni baay'een moodeelingiin akka faayidaa hinqabnetti yaadu. Garuu of, biyya, aadaa, duudhaafi eenyummaa ofii ittiin beeksisuuf waltajjii guddaa ta'uusaatiin baramuu qaba. Kana hubachiisuuf ammoo namoonni damicharratti hirmaanne ittigaafatama olaanaa qabna" jedha.

Dorgommiin tibbana inni itti mo'ate, yeroo jalqabaatiif gurraachi kan itti injifateefi injifataa waliigalaa (grand winner) ta'uun yommuu mo'atu inni kan jalqabaa ta'uu ibsee, kun akka dhuunfaatti isaaf darbees, biyyasaaf carraa guddaa ta'uu dubbata. Waltajjicharrattis huccuu aadaa Oromoodhaan dhihaachuufi bakkeewwan hawwata turiizimii Oromiyaan qabdu keessaa waa'ee Gaarreen baalee ibsuun

Oromiyaallee waltajjii idiladdunyaatti beeksisuu hima.

Waa'ee badhaasasaa 'grand winner' jedhamuu yommuu ibsus, dorgommichi dameewwan addaddaatiin kan adeemsifamu yoo ta'u, innis 'best photogenic, best formalwear' ta'uun dameewwan addaddaatiin akka waliigalaatti injifachuusaa addeessa.

Kana booda waggaa tokkoof ambaasaaddara sagantichaa ta'ee hojjechuuf waliigaltee mallatteessuusaa kan himu Moodeel Saadam, dorgommii kana mo'achuunsaa fuulduratti hojiiilee hedduu hojjechuuf carraa bal'aa akka uumuufis ni hima.

Hojii moodeliingii cinatti akaakuu barnootaa 'Hotel Management' barachuun ittiin hojjechaa kan jiru yoo ta'u, hojiin moodeelingiifi hojiin hoteelaa wantoota wal isaan fakkeessu waan qabaniif waldeeggarchiisee hojjetaa akka jiru dubbata. Fuuldurattis hojiiilee hedduu hojjechuuf karoora akka qabu eeraa, damee moodeelingii cimsuu qofa osoo hintaane, aadaa, afaaniifi turiizimiin biyyattii caalaatti sadarkaa biyyoolessaatti akka beekamuuf hojjechuu akka yaadu hima.

Akka Moodeel Saadaam jedhutti, inni carraa waan argateef aadaasaa sadarkaa idiladdunyaatti beeksisuu danda'eera. Oromoon kamuu guyyaa Irreechaa ykn qophiileen addaddaa jiran qofa osoo hintaane waltajjii argate hundarratti bifa uffannaaf toluun ammayyeessanii uffachuun aadaasaa beeksifachuu qaba. Diizaayinaroonnis dhimma kanarratti dhimmamanii hojjechuu qabu.

Qarreefi Qeerroon Oromoos hunda dura kennaa uumamasaanii adda baafachuun sanarratti waan ofiifi biyyasaanii fayyadu hojjechuu akka qaban dhaama. Kanneen gara moodeelingiitti dhufuu barbaadanis wantoota moodelummaaf fayyadan kanneen akka ulfaatinaafi danaa qaama ofiiceggachuu, godaannisaaf akka hinsaaxilamne ofeeguufi kkf ijoollummaasaaniirraa kaasanii irratti xiyyeeffatanii hojjechuu akka qaban hubachiisa.

Ilaamee...

Federaalizimii sabdaneessa ijaarsa biyyaatiif

Charinnat Hundessaatiin

Kutaa Iffaa

Guyyaan Saboota, Sablammootaafi Ummattootaa Itoophiyaa marsaa 18ffaaf torban har'aa, Sadaasa 29 bara 2016 Naannoo Somaalee, Magaalaa Jigjigaatti mataduree, "Hedduminni walqixxummaa tokkummaa biyyalessaatiif" jedhuun sirnoota garagaraatiin kabajameera.

Guyyaa ayyaana kana sababeeffachuun mariin Gumii Balal marsaa 35ffaan torban darbe Waajjira Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaatti kan geggeeffame yoo ta'u, hayyuun sirna federaalizimii (Yunivarsiitirraa) Doktor Tasfaayee Jimaa mataduree, "Federaalizimii sabdaneessaa keessatti" jedhuun waraqaa qorannoo dhiyeessaniiru. Nutis qorannoosaanii haala ittaanuun qindeessineerra.

Maalummaa federaalizimii

Federaalizimiin hammattuu heddumminaati ykn karaa fedhiin heddumminaa itti keessummeeffamuudha. Sirna yoo xiqqaate caaseffama mootummaa lama of keessaa qabuudha. Fakkeenyaaf akka biyya keenyaatti yoo fudhanne caaseffama mootummoota federaalaafi naannolee jennee kaasuu dandeenya.

Oggaa waa'ee federaalizimii dubbannu yoo xiqqaate caasaalee mootummaa lamarratti dubbanna jechuudha. Kanaaf federaalizimiin caaccuulee lama qaba. Isaanis ofiin of bulchuufi waliin ammoo biyya bulchuu. Kunniin bu'uura federaalizimiiti.

Garaagarummaa federaalizimiifi federeeshinii

Garaagarummaansaani, federaalizimiin yaadiddama (ideology). Federeeshiniin garuu dhaabbilee qabatamoo ta'an kanneen caaseffamaniidha. Kanatu ijaarsa biyyaati. Gaafa akka heera Itoophiyaatti naannolee hanganaa qabna jennu, caasaaleen naannolee kanneen jalatti diriiran hundasaanii jechuudha federeeshiniin.

Amala federeeshinii

Amaloota federeeshinii keessa qoqqoodiinsi aangoo jira. Qoqqoodiinsi aangoo amala federeeshiniiti. Heera barreeffame qabaachuu qaba. Heeri kun ammoo amala garee murtaa'een hinfooyyofne ('rigid constitution') qabaachuu qaba.

Heerri qaamni muraasni ykn garee xiqqoon walitti qabamanii kan fooyyessan miti jechuudha. Fakkeenyaaf kan biyya keenya yoo fudhanne keeyyata kamuu qaamni muraasni qofti akka fooyyessuuf kan eeyyamu miti. Fooyyessuudhaaf adeemsaafi yeroo dheeraa fudhata.

Qaama hariiroo naannolee tiksuus of keessaa qabaachuu qaba. Kana biyyoonni baay'een qabu. Fakkeenyaaf Afrikaan Kibbaa sirna 'intar gavarnimentaali riiileeshin' jedhamu qabdi. Kun qaama hariiroo naannolee tiksu qabaachuu agarsiisa. Nutis otoo kana qabaannee gaariidha. Heerri biyya keenyaa aangoo kana Mana Marii Federeeshiniitiif kenna. Seeruma keessaayyuu qabaachuu daran barbaachisaadha.

Yaadiddamoota ijaarsa biyyaa

Yaadiddamoota biyyi akkamitti ijaaramte jedhuuf fakkeenyaaf, warreen 'evolution rest', naturalistifaa jennuun jiru. Yeroo tokko maatii tokkodu ture. Maatii kanatu gosa ta'e,



gosa kanatu...jedhanii adeemsa keessa biyya ta'ee, horee fagaate. Warra biyyi haala kanaan uumamte jedhanii amananiidha ykn hayyoonni akkas jedhanii dubbatan jiru. Rabbitu uume kan jedhanis jiru /divine creation/. Warri kaan ammoo biyyi kan uumamtu waliigaltee ummataatiini, isa ('social contract) jedhamu. Warra biyyi fedhiifi waliigaltee ummataatiin ijaarama jedhanis jiru.

Warri kaan ammoo biyyi kan ijaaramtu humnaani jedhu. Yaadiddamni Maarkisisti Leeninistis jira. Biyyoota kan uume sooreyyiidha, warra kaan ittiin cunqursuufi miidhuufi, jedhu. Keessumaa barreeffamni waa'ee yaadiddama kanaa ibsu baroota 1950/60moota keessa dhiibbaa kan uumtu. Akka warreen dinagdeedhaan guddatan warra gadaano jedhaman, warra sadarkaa olaanaarratti argamaniratti akka kaka'an ykn sochii godhan kan taasiseedha.

Heera Itoophiyaa

Oggaa heera biyya keenya ilaallu nuti saboonni, sablammoonniifi ummatooni Itoophiyaa jedha seensi heerichaa. Kanaaf waa'ee ijaarsa biyyaa akkaataa heerri RFDI nutti himu fedhiidhaani jechuudha. Fedhiidhaan walitti dhufneetu biyya Itoophiyaa jedhamtu ijaarranne. Yaadiddamoota kanneen keessaa kan keenya isa waliigalteeedhaan ijaarama jedhurratti kan hundaa'eedha ykn deggaruudha heerri RFDI.

Sirni federaalizimii sabdaneessaa kun maaliif Itoophiyaaf filannoo ta'e?

Sirnoota darban keessatti gaaffiileen eenyummaa, amantii, siyaasaa, dinagdeefi hawaasummaa deebii hinarganne waan turaniif ALA bara 1991 booda sirni federaalizimii sabdaneessaa biyya keenyaaf filatamaa ta'eera. Gama kanaan sceneffamni ture saba tokko, afaan tokko, amantii tokko, ummata tokko kan jedhuufi kan danummaa balleessuu barbaadu waan ta'eef sirni federaalizimii sabdaneessaa akka filannooti fudhatameera.

Fakkeenyaaf heera ALA bara 1931, 1955 yoo ilaalle labsiwwan bara 1944 bahan hedduusaanii danummaa ykn heddummina balleessuurratti kan xiyyeeffataniidha. Kanaaf bara 1991 booda filannoon ture sirna federaalizimii sabdaneessaati. Ilaalchawwan federaalizimii Itoophiyaarra jiran deggartootaafi mormitoota jennee gareewwan lamatti qoodnee ilaallu dandeenya.

Warreen deggaran

Sirni kun Itoophiyaa nitarkaanfachiisa. Sabootaafi sablammoota biyya kanaa ni ceessisa, ni hammata jedhanii deggaru. Gaaffiilee sabootaafi salammootaaf deebii kan

kenne, sirna walqixxummaa aadaa, afaanii, amantii, dinagdeefi siyaasaa fide waan ta'eef sirni federaalizimii sabdaneessaa biyya kanaaf barbaachisaadha jedhu.

Akkasumas saboota jiddugaleessarraa fagoo ta'an waan hammatuuf, sirnoota darban keessatti adeemsa waan hunda tokko gochuu, macalaqsanii (assimilation policy) tokko gochuuti. Kanaaf aangoon kan jiru Finfinneedha jechuudha. Finfinnee teessee Asoosaa, Matammaa, Moyyaalee... fageenya dheeraarratti argamtu hogganta. Kanaaf hawaasni achi jiru siyaasaan, dinagdeedhaan, hawaasummaadhaan maal akka barbaadu waanti quba qabdu hinjiru.

Namoonni ati aangessitee achii fiddus afaan hindanda'an, aadaafi amantii ummataa quba hinqaban. Kanaaf federaalizimiin kun ammoo aangoo kana waan diriirsuuf biyya kanaaf barbaachisaadha jedhanii warra deggaraniidha. Gama birootiin yaadni isaan kaasan loogummaa sirreessuurratti sirnichi murteessaa waan ta'eef, siyaasaan, dinagdeefi hawaasummaadhaan looguuun waan tureef kanas waan sirreessuuf sirnichi barbaachisaadha jedhu.

Gama kaaniin afaan dhalootaatiin barachuun murteessaafi waan addunyaan deggaruudha jedhanii sirnicha deggaru. Misooma, nageenyaafi tasgabii waaraa fiduufis sirni kun murteessaadha jechuun ibsu.

Warreen morman

Waanuma isaan barreessaniifi dubbatanirraa waa jechuuf: Inni tokko yaadiddamni federaalizimii sirrii miti jedha. Waantumti federaalizimii sabdaneessaa jedhamu kunuu sirrii miti jedhanii jalqabu. Gareen kun garee 'sirni federaalizimii gaafuma dhalate hinguddatu' jedheedha. Warreen sirna nama gabroomsuudha jedhanii barreeffamoota adda addaa keessatti ibsan jiru. Niiyoo koloniyaaalizimiidha, federaalizimii Itoophiyaa keessatti hojiirra oolchuun Niiyoo koloniyaaalizimiidha jedhanii falmaniidha.

Gama biraatiin, federaalizimiin hoggantoota saboota gara garaa hinaffeeru jedhu; afaanuma tokkoon Matammaas, Asoosaas, Moyyaalees, Baahir Daaris, Maqalees bulchuu waan barbaadaniif. Sochii daangessa jedhu. Afaan tokko beeknaa; isuma qabannee bakkawwan hunda bulchina jedhu. Warreen sirna federaalizimii sabdaneessaa kana 'TPLF' tu tolche jedhanii barreessu, mormu. Sirna sabaati, gosaati, sanyiti jedhanii sirnicha xiqqeessu.

Seenessi kun ijaarsa biyya kanaatiif gufuuudha. Irratti mari'achuun dudubbachuun, murteessaadha jechuudha. Akkaataan

ittiseeneffamaa dhufeeffu jiru sirrii miti jechuudha. Xiqqeessinee dhaloota dhaalchisna yoo ta'e ijaarsuma biyya kanaatiifuu gufuu guddaa ta'u jedheen amana.

Waantota federeeshinii sabdaneessaa ijaaruuf bu'uura ta'an

Tokko haala qabatamaa biyya kanaati. Maalirra dhaabateeti federaalizimiin ykn biyyi kun kan ijaarame oggaa jennu haala qabatamaa biyya kanaatu ilaalama. Haalli qabatamaa biyya kanaa maalinni? Yaadiddama danummaati moo qeenxummaadha kan jedhun ilaaluun barbaachisaadha.

Biyyi kun biyya sabdaneessaati. Biyya heddummina afaanii, aadaa, amantii... keessa jiruudha yoo jennu kanarra dhaabanneetu biyya ijaarra jechuudha. Kanaaf haalli qabatamaan biyya kanaa murteessaadha.

Lammaffaan akkaataa teessuma lafaati; sababa fageenyaa. Fakkeenyaaf sirni qeenxeen (unitary) biyyoota xixiqqoo akka Faransaayiiif ni mijata. Biyyoota akka Itoophiyaaf garuu hinta'u. Sababiinsaas teessumaafi fageenya lafaati. Finfinneerra hanga daangaatti kiiloo meetira kuma tokkodu deemama. Kanaaf ammoo mootummaa caasessuufi aangoo diriirsuun barbaachisaadha. Kanarra dhaabatameeti biyyi kan ijaaramtu.

Yaadiddamoonni gama biraatiin jiranoo maal fakkaatu?

Yaadiddamoonni hanga 1960mootaatti turan macalaqsanii tokko gochuudha. Danummaan (pluralism) ammoo 1960moota booda baroota qeenxummaa macalaqsuun kun xumura itti argateedha, waraana Addunyaa 2ffaa booda. Keessumaa 1960moota keessa jechuudha.

Bara 1970mootatti ammoo yeroo waantonni sirrii hintaane ittisirreeffamaniidha. Yeroo dhiibbaan duraan ture akka sirratuuf ittiyaalameedha. Biyya keenyatti sirna Dargii ilaaluun nidanda'ama. Waantonni baay'een yaalamaniin turan. Bara 1980moota keessas heddummini ykn danummaan yeroo itti heddumminaaf gatii kennuun ittijalqabameedha. Heddummini bara 1990mootatti ykn barkumee booda gatii argate.

Bu'uurri lammaffaan heera. Imaammataafi labsiidha. Heerri biyya kanaa maalirra dhaabateeti barreeffame ykn raggaasifame jennee yoo ilaalle, haala biyya kanaarra dhaabateeti. Imaammanni, labsiwwan keenya dhimmoota kanneen irratti dhaabataniiti kan qophaa'an. Biyya tokko ijaaruuf warreen kunniin murteessoodha.

Muuxannoo biyyoota biroos ilaaluun murteessaadha. Sababiinsaas biyyoonni akka Itoophiyaa baay'ina ummataatiin, bal'ina lafaa qabaniifi sirna federaalizimii hordofan akka addunyaatti harka 40 ykn biyyoota 28. Kanaaf muuxannoon biyyoota kanneenirraa fudhannu murteessaadha.

Fakkeenyaaf, biyyoota akka Siwiizarlaandi, Ispeen, Afrikaa Kibbaa, Kanaadaa, Naayijeeriyaa fa'irraa muuxannoo fudhachuun nidanda'ama. Muuxannoon biyyoota biroos nu barbaachisu. Yeroowwan tokko tokko keewwata 49 waa'ee Finfinnee heerarra kan jiru biyyoonni akka Ispeen muuxannoo walfakkaataa qaban jiru; kanneen akka Ispeeniifi Kanaadaafaan. Waa'ee imaammata afaaniirattis akkasuma Neezarlaandirraa muuxannoo fudhachuun nidanda'ama.

Beeksisa Caalbaasii

Manni Barumsaa Ifa Boruu Bultii Addaa sad. 2ffaa Haramaayaa baajata idilee bara 2016 irraa meeshaalee Baruu fi Barsiisuu, Qulqullinaa, Meeshaa Dhaabbataa, Nyaata Lukkuu fi Loonii dhaabbata daldalaa ulaagaalee barbaachisoo guutan wal-dorgomsiiisee bituu barbaada.

Ulagaaleen barbaachisan

1. Eeyyama hojii daldalaa kan kan qabuu fi bara 2016tti kan haareffate.
2. Ragaa dhiyyeessummaa dhiyeeffachuu kan danda'u.
3. Ragaa qaama seerummaa dhiyeeffachuu kan danda'u.
4. Tin No. kan qabuu fi ragaa isaa dhiyeeffachuu kan danda'u.
5. Galma'aa VAT (15%) kan ta'ee fi VAT 7.5% a nagahee VAT fudhatee kutuu kan danda'u
6. TOT(2%) kaffaluuf dirqama kan qabu
7. Dorgomaan meeshaalee dorgomee mo'ate qulqullina fi yeroo isaa eegee dhiyyeessuu kan danda'u.
8. Dorgomaan meeshaalee dorgomee mo'ate hanga mana kuusaa mana barumsaatti dhiyyeessuu kan danda'u
9. Dorgomtoonni sanada caalbaasii guyyaa beeksisni gaazexaarratti bahee irraa eegalee guyyaa hojii kudhashan (15) keessatti Biiroo I/A/D/B damee bulchiinsaa bitachuu kan danda'u ta'ee gaafa guyyaa kudha jahaffaa (16) waaree dura sa'aatii 3:30 saamsamee 4:30tti immoo bakka dorgomtoonni jiranitti poostaan kan saaqamu ta'a.
10. Dorgomaan caalbaasii mo'ate kabachisa waligaltee meeshaa gatii itti mo'ee waliigala irra %10 qabsiisuu qaba.
11. Sanadni caalbaasii dhiyaatu kun haqaa fi laaqaa kan hin qabne ta'uu qaba

Hub:- Waajjirichi haala mijataa yoo argate caalbaasicha gar tokkeen ykn guutummaan haquuf mirga qaba.

Mana Barumsaa Ifa Boruu Bultii Addaa sad 2ffaa Haramaayaa

Godina Arsiitti hojiin lafa hektaara kuma 230 oliirratti qamadii bonaa omishuu eegalame

Taammiruu Raggaasaatiin

Finfinnee: Godina Arsiitti lafa hektaara kuma 230 qamadii bonaan uwwisuun callaa kuntaala miliyoona 10 argachuuf karoofamee hojjetamaa jiraachuu waajjirri qonna godinichaa beeksise.

Ittigaafatamaan waajjirichaa Obbo Gannaa Mahaammad, ibsa Roobii darbe Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf kennaniin akka jedhanitti, godinichi akka guutuu biyyattiitti barootaaf wiirtuu omisha qamadii jedhamuun beekama.

Haala mijataa godinichi uumamaan qaburratti tarsiimoofi hojmaata haaraa diriirsuun hojiin omisha qamadii bonaa xiyyeeffannoo addaatiin hojjetamaa jiraachuu himanii, hanga ammaattis lafti hektaara kuma 43 sanyii qamadii bonaan uwwifamuu ibsaniiru.

Karoorri kuni hojiitti kan hiikamu jaal'isiidhaan waan ta'eef, omisha qamadii boneefi hojii misooma qonnaa biraatiif bara bajataa kana paampii kuma afur dhiyeessuuf karoofamee akka jirus dubbataniiru.

Irra jireessi lafa godinichaa olka'aa ta'uus Laga Awaash dabalatee laggeen misooma jal'isiif ooluu danda'an baay'inaan godinicha keessa kan darban ta'uu eeranii, lafa jaal'isiin hinjirreetti bo'oodhaan hojiin misooma qamadii bonaa bal'inaan kan hojjetamu akka ta'es himaniiru.

Lafti godinichaa uumamaanuu waanuma qamadii omishuuf tolfame fakkaata



Obbo Gannaa Mahaammad

kan jedhan Obbo Gannaa, aanaalee 25 godinichi qabu keessaa aanaalee 18 keessatti qamadiin baay'inaan omishamaa jiraachuu eeraniiru.

Omisha qamadii gannaa walqabatee ittigaafatamaan kun akka jedhanitti, omishaafi omishtummaan qamadii gannaa yeroodhaa gara yerootti dabalaa jira. Ganna bara 2015 lafti hektaara kuma 315 sanyii qamadiin wayita uwwifamu ganna bara 2016 ammoo lafa hektaara kuma 397 misoomsuun callaa kuntaala miliyoona 15 argachuuf hojiin sassaabbii omishichaa adeemsifamaa jira.

Qonnaan bultoonni naannichaa omishasaaniirraa haala barbaadamuun fayyadamoo ta'aa akka hinjirre kaasanii, yeroo ammaa kana walitti hidhamiinsa gabaa keessoofi alaarratti hojjetamaa akka jiru hubachiisaniiru.

Haaluma kanaan dhaabbileefi kaampaaniwwan addaddaa waliigaltee deeggarsa omisha dura qonnaan bultootaaf taasisaniin dabalata qamadii kana wayita qonnaan bulaarraa bitan gatii omishni kun ittiin gurguramurratti dhibbantaa 15 dabalani akka bitan taasifamaa jiraachuu ibsaniiru.

Invitation to National Competitive Bid BID Ref. No. BBZF/NCB/W/001/2023/24

Oromia Regional state, Buno Bedelle Zone Finance office invites interested **Grade 1 BC or Grade 2 GC and above** for the construction of B+ G+4 Building Office & related works at Bedelle town Therefore,

I. Interested bidders are required to submit together with their bid documents;

- Renewed trade license
- Tin Certificate
- VAT registration certificate
- Valid Tax clearance certificate
- Registration certificate from responsible public body
- Competence certificate

NB: The bidder required to show the original document for renewed trade license, certificate of competence and Tax clearance at the time of purchasing the Documents

2. Bidders shall visit the site where the construction carried out from the date the bid started to be purchased to end at working hours.
3. Bidders shall submit bid security of **500,000 (Five hundred thousand birr only)** in form of CPO or Unconditional Bank Guarantee in the name of Buno Bedelle Zone Finance Office.
4. Interested eligible bidders can purchase the complete set of documents for **27 consecutive days from the official announcement date** of bid on newspaper up on payment a non-refundable Birr **500.00 ETB**(Five hundred Birr only) to Buno Bedelle Zone Revenue office & collect copy of bidding Document from Buno Bedelle Zone Finance Office.
5. Bidders shall submit into tender box prepared for this purpose on 28th days from the official announcement of bid on newspaper. **If the 28th calendar day is a holiday the Bid Opening date will be the next working day** at 4:00AM local time (morning) at Buno Bedelle Zone Finance Office.
6. Bids shall be opened in the above mentioned address and date (on 28th days from the official announcement of bid on newspaper. **If the 28th calendar day is a**

holiday the Bid Opening date will be the next working day), in the presence of Bidders and /or their authorized representatives at 4:30 AM local time.

7. Interested bidders may obtain further information from BBZF office. **Tel. +251474451802**
8. Bidders shall submit One Original and two photocopies for both Technical proposal and financial offer. Technical proposal will be sealed in such a way that one original and one photo copy to be sealed in one envelope while the second photocopy will be sealed in another envelope separately and labeled as "One ORIGINAL & One PHOTOCOPY" and "Second PHOTOCOPY" respectively, then placed in another outer envelope along with bid security as indicated in the above table, in an acceptable form as indicated in bidding document. Financial proposal will be sealed in such a way that one original and one photocopy to be sealed in one envelope while the second photocopy will be sealed in another envelope separately and labeled as "One ORIGINAL & One PHOTOCOPY" and "Second PHOTOCOPY" respectively, then placed in another outer envelope. Finally the whole documents shall be placed in a single sealed envelope whose outer cover containing all necessary information about the firm & Employer including project information.
9. The Language of bid is English.
10. Bidding will be conducted in accordance with the open national tendering procedures contained in the public procurement proclamation of the Federal Democratic Republic of Ethiopia and is open to all eligible bidders.
11. The duration of the works shall be completed within a maximum 540 days starting from signing of contract.
12. Any attempt of indication of financial offers in the technical document and also misplacement of documents shall result in rejection of the bid.
13. BBZF office reserves the right to accept or reject any or all bids

**Buno Bedelle Zone Finance Office
Bedelle**

Imala waggoota 88 Humna Qilleensa Itoophiyaa

Waaqshuum Fiqaduutiin

Finfinnee: Waggaa 88 dura mootiin duraanii Itoophiyaa, Hayilasillaaseen gara biyya Faransaayitti imaluun agarsiisa balalii xayyaaraa wayita daawwatanitti fedhiin Humna Qilleensa keessasaanii bule. Bara 1929 osoo bu'uraaleen misoomaa mijataan hinjiraatin Xayyaara yeroo jalqabaatiif gara Itoophiyaa galchuun Humna Qilleensa hundessan.

Haala guddinni teknoloji yeroo sanii irra ga'een balaliistotaafi leenjii balaliisummaa keessaafi alatti akka kennamu taasisan. Boodarras mootummaa abbaa irree, Darguutiin angoorraa fonqolchaman.

Darguun Humna Qilleensa ammayyeessuuf Ameerikaa hanga Raashiyaatti hariiroo dippiloomaasii cimaa taasisuun itti milkaa'era.

Keessattuu xayyaarota waraanaa fooyya'oo Raashiyaarraa galchuun weerara mootummaa Somaaliyaa Ziyaad Baareerratti injifannoo olaanaa gonfateera.

Humni Qilleensa Itoophiyaa kufaatii mootii Hayilasillaasee waliin dadhabee tures gulantaa olaanaan guddateera.

Haa ta'u malee, gidduseentummaa siyaasaa olaanaan waan tureef guddinni ogummaa quucaree turuu Shuumiin Itaamaajoorii Raayyaa Ittisa Biyyaa Fiildmaarsaal Biraanuu Juulaa ni himu.

Kufaatii sirna Darguufi aangootti dhufuu mootummaa ADWUI booda garuu Humni Qilleensa Itoophiyaa imala irraangadee qabate.

Balaliistoonni baay'ee xiyyaara waraanaa fudhatanii biyya hambaatti baqatan. Ta'us waraana Itiyoo-Eertiraatiin walqabatee xiyyaarota waraanaafi balaliistoonni bakka jiranii waamamuu jalqabuu himanii; Humna



Qilleensa kufee ture kaasuu dabalatee meeshaalee waraanaa ammayyaa'oo tokko tokko alaa galchuun waraanicha injifannoo xumuruu yaadachiisaniiru.

Ta'us, goolabamuu waraanichaa booda Humni Qilleensa hanga hinbarbaachisu jedhamurra ga'usaatiin hojii ala ta'uu ibsaniiru.

Jijjiiramaa as garuu xiyyeeffannaa mootummaan kenneen humna nama barateenis ta'ee hidhannoo ammayyaan Humna Qilleensa amansiisaa hundaan filatamu ta'uu hubachiisaniiru.

Oduudhuma walqabateen, Afrikaanonni Humna Qilleensa jabaafi amansiisaa qabaachuuf muuxannoo, qabeenyaafi ogummaa qaban walitti fiduun qindoominaan hojjechuun dhimma murteessaa ta'uun ibsameera.

Foormiin Humna Qilleensa Afrikaa egeree guddina Humna Qilleensa Ardichaarratti fuulleffateefi Itoophiyaa isa jalqabaa ta'e kabaja guyyaa hundeffama Humna Qilleensa Itoophiyaa waggaa 88faa sababeeffachuun Kamisaa eegalamee har'a xumuramu taa'amaa jira.

Fooramicharratti ajajootni Humna Qilleensa biyyoota Afrikaa 14, kaampaanotni idiladdunyaa, qondaaltonni mootummaafi ogeessootni damichaa argamaniiru.

Ajajaan Humna Qilleensa Itoophiyaa Letenaal Jeneraal Yilmaa Mardaasaa haasaa taasisaniin, Afrikaanonni Humna Qilleensa bittinnaa'aa matamataatti qabaachuun akkuma jirutti ta'ee waan qaban walitti fiduun Humni Qilleensa waloo jabaafi amansiisaa ta'e qabaachuun barbaachisaa ta'uu hubachiisaniiru.

Kaayyoon fooramichaa muuxannoofi qabeenya qaban walitti fiduun Humna Qilleensa ammayyaa'aa qabaachuurratti kan xiyyeeffate ta'uu yaadachiisaniiru.

Hundeeffamasaa bara 1929 irraa kaasee Humni Qilleensa Itoophiyaa biyyoota Afrikaa hedduuf gama leenjii kennuutiin, tajaajila geejjibaafi deeggarsa teknikiitiin cina dhaabbachaa turuu kaasanii; ammaan tanas leenjitoonni biyyoota garagaraa Akkaadaamii Aviyeeshinii Itoophiyaatti leenji'aa jiraachuu himaniiru.

Itoophiyaan diddaa koloneeffattootarratti

taasifame kallattiin hirmaachuun dabalata faajjii qabsoo bilisummaa Afrikaa kan ta'an Neelsan Maandeellaa leenjisuuf Roobarti Mugaabeef ammoo deeggarsa barbaachisaa taasisuun aantummaa Afrikaaf qabdu mul'isuushee ibsaniiru.

Kufaatii mootii Hayilasillaasee booda daran dadhabee kan ture Humni Qilleensa Itoophiyaa bu'aa ce'ii hedduu booda, keessattuu jijjiiramaa as ammoo rifoormii jabaama imaammata, tarsimoo, ogummaafi bu'uraalee misoomaan taasifameen ga'umsa humna namaafi meeshaalee waraanaa ammayyaatiin sadarkaa amansiisaarra jiraachuus dubbataniiru.

Ardii Afrikaa dabalatee addunyaan qormaata rakkoo nageenyaa yeroodhaa gara yerootti dabalaa dhufe keessa jiraachuu eeranii; shororkeessummaafi saamicha galaanarraa birmadummaa biyyaafi biyyoolessaa qoraa jiran waliin qolachuu keessatti shoorri fooramichaa olaanaa ta'uufi Itoophiyaan rakkoo kana maqsuuf biyyoota Afrikaa kaan waliin hojjechuuf kutannoo qabdu ibsaniiru.

Ministirri Raayyaa Ittisa Biyyaa Doktor Abrihaam Balaay gamasaaniin, Humni Qilleensa callaqee Afrikaanotaa kan ta'e qaama Daandii Qilleensa Itoophiyaa ta'uu ibsaniiru; Daandiin Qilleensa kun Afrikaanota biyyoota addunyaan walqunnamsiisuun ala michummaa Paan Afrikaa cimsuurratti shoora guddaa taphachaa jiraachuu himaniiru.

Itoophiyaan cimina Paan Afrikaatiif kutannoo qabduuf Daandiin Qilleensa kun riqichaafi ragaa guddaa ta'uus ibsaniiru.

Fooramichi waggaa waggaaan Itoophiyaatti kan adeemsifamu ta'a. Keessummoota biyyoota garagaraaf beekamtiin kennamuun dabalata haala Daandiin Qilleensa Itoophiyaa irra jirus daawwatameera. Har'as agarsiisni balalii Xayyaaraa Leenca Gurraacha jedhamus adeemsifameera.

Gahee duudhaaleefi dhaabbileen aadaa nagaafi...

8. Moggaasa

Dhaabbata nama/gosa saba biroo maqaa baasaniifii horoomsuuti; yeroo hedduu nama finna hinqabne ykn gosa namni itti xiqqaatutu moggaafata. Namni/gareen moggaafame mirga Oromoon kamuu argachuu qabu ni argata; erga akka aadaafi duudhaa Oromootti moggaafamee akka ormaatti ilaaluun yakka.

Jila moggaasaarratti horii falanii ablee falaniin dhiiga keessa kaayanii taa'aa sana jidduu kaayyuu henna Abbaan Gadaa eebbisu namni/gareen moggaafamu sun abliha harkaan qabuun waan Abbaan Gadaa jedhu sagalee tokkoon waliin jedhu. Kakuun/waadaan kun gama lachuuun kan hincabneefi hindabneedha. Kanaan booda gareen moggaafame ilma/ilmaan gosa moggaafate ta'a.

9. Luba Baasa

Luba baasuun sirna namoota Oromoo hintaane kanneen waraana keessatti booji'aman bilisoomsaniif ofitti dabaluu. Kunis fedhii namoota booji'aman sanaatiin ta'a. Gama biraatiin, luba baasuun adeemsa gaafii sabni biroo akka nama dhuunfaa/gareetti Oromoomuuf gaafate fudhachuun gosa galchaniif horoomsuuti.

Adeemsi luba baasu/gosa galchuu gaaffii namni/gareen gosa galuuf deemu dhiheeffateen jalqaba. Gaaffiinsaaniif fudhatama yoo argate kora gosaa kan waggarratti gosatti himamee guyyaan jila gosa galchuu beellamama. Gaafa

jilaa kanas korma falanii warra gosa galu dhiigaan qabaniif, meedhicha itti hidhaniif, raada handhuuraa kennaniifii horoomsu.

10. Harma Hodhaa

Saba/nama saba biroo ta'e guututti osoo hinhoroomsiin hariiroo maatii-ijoollee fakkaatu uumuudhaan waliin jiraachuu. Maatiiin/gareen harma hodhe akka ilmaan/ijoollee gosa harma hodhaniif ta'u. Faayidaaleen jajjaboon harma hodhaas:

- Waldhabdeewwan kanaan dura uumaman hunderraa maqsuun nagaa waarsuufi ceesisu,
- Akka nagayaan waliin jiraatan tolchuu,
- Qabeenya waliin fayyadamuu,
- Aadaa sabootaa waldandeesisee, saboota jidduutti hariiroo cimaa uumuu,
- Mirgii nageenyi maatii/garee harma hodhe sana gosa harmi hodhameen akka eegamu taasisuu fa'a.

Gaafa jila harma hodhaa gareen lachuu kakuu waldeeggarsa waloo seenu. 'Abbaan'/gosti harmi hodhame 'ilma'/gosa harma hodhe akkuma ilmoo gudeedaatti waan barbaachisu cufaan deeggara. 'Ilmillee' waan ilmi abbaaf gochuu qabu hunda raawwachuun abbaa deeggara. Warri harma walhodhan hedduu walkabaju, walhinlolan, afaan hamaa walitti hindubbatan, cidhaa fi jigii walirraa hinhafan.

11. Meedhicha

Meedhichi sirna Oromoon saba biroo fedha ofitiin Oromoomuuf dhufe ittiin simatee horoomsuudha. Jila kanarrattis korma falanii garee/gosa horoomuu fedhe sanitti meedhicha irreetti hidhaniif Oromoomsu. Waliin nyaatanii dhuganii, sirbanii sirbisiisaniif gammachuun ofitti dabaluu/dabalamu. Gosti haala kanaan Oromoome mirgaafi dirqama Oromoon qabu kamuu niqabaata.

12. Gondooro

Rakkoon/ta'iin tokko saboota Oromoofi Geede'oo jidduutti irra deebi'ee akka hinuumamne labsuu ykn goolabuudha. Duudhaan gondooroo adeemsa jilaa walxaxaafi abaarsa/cubbuu dhiquufi namoota/garee waldhabe araarsuu keessatti mallattummaafi gahee olaanaa qaba. Nama/garee waldhabe walitti araarsee aannaniif garaa taasisuun nagaa, tasgabbiifi tokkummaa waarsa. Jilli gondooroo akkaatuma duudhaa Oromoofi Geede'ootiin raawwatama.

Gaafa jila gondooroo Abbootii Gadaafi waahillansaaniif gama lachuu bakka bu'oota hawaasa gamlachuutu argama. Hoolaa falanii mijuu naqanii waldhabdeen akkasii akka lammeessoo ummatoota lamaan jidduutti hinuumamneef walii tufanii walitti tufanii araaramanii waliin nyaatanii dhugu.

13. Wodoo

Sirni wodoo akkaataa ummattoonni Gujii, Geeda'oofi Burjii nama yookaan horii walirraa booji'an karaa nagaatiin walii deebisaniidha.

Yoo namni booji'ame garee tokko harkatti miidhame jaarsonni gama lamaaniif dubbatanii waan warra waldhabe walitti araarsaniin muru. Wanti araarsaniinis uwwisa yookaan loon ta'uu danda'a.

14. Afoocha

Saboota Harariif Oromoo jidduutti ollummaa cimsuun gaafa rakkoofi balloos akka walbira dhaabatan tolcha. Waldhabdees fura.

15. Daamina

Oromoofi Argobbaa jidduutti nagaafi tokkummaa waarsa.

Walumaagalatti, saboonni, sablammoonniif ummattoonni biyya keenyaa tokkummaa, nagaafi tasgabbiif keessoo ofiifi ollaa eegsisuufi tikfachuuf duudhaaleefi dhaabbileen aadaa daran faayidaa qabu. Garuu, duudhaaleefi dhaabbileen aadaa hedduun sababoota garagaraatiin laafaaniif/laaffachaa jiru.

Laafuunsaniif ammoo waliigalaan biyya keenya suduudaan hawaasa miidhaa jira. Kanaafuu, nagaa, tasgabbiifi tokkummaa waraa biyya keenyatti fiduuf duudhaaleefi dhaabbileen aadaa qoratamaniif heera, seera, imaammata, qajeelfamoota, sirna barnootaa keessatti madaqfamuun barbaachisaadha.

Leeniin Quuxoo Hamaadoo, Yunivarsiitii Mootummaa Naannoo Oromiyaatti, Gorsaafi Qorataa Aadaa, Afaaniifi Aartii Oromoo



“Itoophiyaan ulaa...

wanti dubbatames ta'e kan barreeffame kan ibsu yaaliin isheen gaggeessaa jirtu karaa nagaan ta'uudha jedhan.

Seenaa Itoophiyaa keessatti Itoophiyaan daangaa darbee koloneeffataa weeraruuf dhufe ofirraa deebisuuf kan waraana keessa seente malee humnan qaba jettee biyya ollaa weerarte akka hinqabnes ibsaniiru.

Akka ibsasaaniitti, Itoophiyaan ulaa galaanaa humnaan fudhachuufi, jechuun qaamoleen yaada ministira muummee gara hintaanetti harkisan bu'aan Itoophiyaa maaliratti akka hundeeffame warra hinbeekneefi.

“Yaadni Itoophiyaanota gara misoomaatti, misoomni waraanaan tuqame mi'eesituun hinqabu” jechuun himanii; qaamuma kamiifuu waraanni mo'icha battalaaf malee furmaata dhumataa ta'uu hindanda'u jedhan.

Xiyyeeffannoon ministira muummee karaa nagaan ulaa galaanaa argachuun akkamitti akka danda'amurratti kan xiyyeeffateedha. Ajandicha ummata dhageessisuuf wayita haasaa taasisanittis “Ijoolleen keenya” kan jedhaniif ijoollee keenyaaf jennee bu'aa yeroo dursuu akka hinqabne jechuu barbaadaniitu jedhan.

Yaada waliin haafayyadamnuu Itoophiyaan dhiyeessite gaarummaa qabaachuu himanii; biyyooti yaada kana ija gaariin hinilaalle warra bu'aa ummataasaaniif quuqama hinqabneedha jedhaniiru. Ilaalcha ati hiyyoomi ani nan fayyadama jedhu qabaachuun gaarii miti jedhan.

Piroofeesar Admaasuun gaaffii ulaa galaanaa Itoophiyaan argachuuf dhiyeessite hawaasni idiladdunyaa akka deeggaruuf yaada ka'umsaa wayita dhiyeessan maniiwwan misoomaa Dhaabbata Mootummoota Gamtooman xiyyeeffannaa 16^{ffaa}n biyyoota ulaa galaanaa hinqabneerratti xiyyeeffachuusaati jedhaniiru.

Biyyoota ulaa galaanaa hinqabne 44 keessaa hedduunsanii hiyyummaa hamaa keessa kan jiraniidha. Kun ammoo yaadessaa waan ta'eef hawaasni addunyaa akka isaan ulaa galaanaa argataniif deegarsa irraa eegamu akka taasisan taasisa jedhan.

Biyyoota ulaa galaanaa hinqabne biroo waliin yeroo ilaalamu Itoophiyaan baroota dheeraaf ulaa galaanaa qabdi turte. Har'a garuu haala addaa ta'e keessatti kufuushee mul'isa. Waggoota 32f dhabdee wayita turtetti biyyooti michuu Itoophiyaa baay'een yaada dhiyeessaa turanis mootummaan Itoophiyaa wayita sana bulchaa ture waan hineeyyamneef homaa gochuun hindanda'amne jechuun ibsan.

Ammas taanaan Itoophiyaan ulaa galaanaatti dhiyoo ta'uu himanii; dippilomaatotoni Itoophiyaa jabaatanii Itoophiyaan fayyadamummaashii mirkaneeffachuuf karaa nagaan hordofuushii hawaasa addunyaa beeksisuun bu'aa waloo ta'uu hubachiisuu qabu jedhaniiru.

Oromiyaatti lafti saamame heektarri kuma tokkoofi...

dadhabsiisuun mirga namoomaafi mirga dimokraasii sarbuun alatti afaan mootummaafi ummata wal jala dabarsuun biyya diiga.

Malaammaltummaan gochaa yeroodhaa gara yerootti amala jijjiiratuufi walxaxaa ta'uu eeranii, gocha hamaa kana dhabamsiisuuf hoggansa mana hojii mootummaa ofiisaatiif malaammaltummaarraa bilisa ta'uu fakkeenya ta'efi ummata tajaajila qarshiin bitachuu jibbu uumuun dirqama tahuu hubachiisaniiru. Gocha badaa kana balleessuuf hubannoon ummataa murteessaa waan ta'eef namoota miliyoona 6.2f leenjiin hubannoo cimsuu akka naannichaatti kennamuus dubbataniiru.

Akka naannoo Oromiyaatti Farra Malaammaltummaa yeroo 18ffaa mataduree “Malaammaltummaan Diina Waloo Keenyaa Waan Ta'eef Gamtaadhaan Irratti Haa Qabsoofnu!” jedhuun manneen hojii sadarkaa naannoo, bulchiinsa godinaalee, magaalotaa, aanaalee akkasumas manneen barnootaafi kolleejjiiwwan naannichaa keessatti bifa ho'aadhaan Sadaasa 15 irraa eegalee hanga Mudde 1, bara 2016tti kabajamaa turuu kaasanii, Malaammaltummaan gocha badaa garaagarummaa tokko malee

lammiilee hunda miidhu waan ta'eef diina waloo kanarratti gamtaadhaan qabsaa'uun barbaachisaa ta'uu hubatamee matadurichi filatamuus ibsaniiru.

Akka miseensa Dhaabbata Mootummoota Gamtoomaniitti, Itoophiyaan gocha badaa kana dhabamsiisuuf sadarkaa hundatti caasaa barbaachisu diriirsuun hojjechaa jirti kan jedhan komishinari kun, keessattuu mootummaan jijjiiramaa gara aangootti erga dhufee as hannaafi saamichi imala badhaadhinaatti gufuu akka hintaaneeff hattoonni araarama tokko malee bakka jiranitti adamsamuun seeratti akka dhiyaatan gochuuf kutannoodhaan hojjetamaa akka jirus yaadachiisaniiru. Maddi galii qabeenya muudamtootaa, filatamtootaafi hojjetoota mootummaa waliigalaan kan namoota kuma 631fi 618 galmaa'eeras jedhan.

Afyaa'ii Ittaanaan Caffee Oromiyaa Obbo Eliyaas Uummataa gamasaaniitiin akka jedhanitti, Itoophiyaan karoora badhaadhinnaa dhaloota dhufuuf darbu baastee hojjechaa jirti. Karoorri kun malaammaltummaadhaan akka hingufanneef mootummaan yeroo kamiyyuu caalaa qaamolee qabsicha qindeessaa jiran cinaa dhaabbachuun waliin hojjechuurratti argama.

Hoggantoonni manneen hojii

“Oromiyaatti qormaatni kutaa ...

yeroo jalqabaatiif sadarkaa naannootti barana ni kennama. Hanna qormataa hambisuuf akkuma qormaatni kutaa 12ffaa yuunivarsiitiwwan adda addaatti kenname qormaatni kutaa 8ffaa barsiisota sadarkaa 2ffaatiin manneen barnootaa sadarkaa 2ffaa keessatti waan kennamuuf gamanumaan cimani qo'achuun barbaachisaadha.

Rakkoo gad bu'insaa qabxii qormaataafi qulqullina barnootaa haasaa qofaan osoo hintaanee hojii qabatamaan keessaa ba'uuf mootummaan naannichaa xiyyeeffannaan hojjetaa jira jedhani; maatiifi hawaasni barnootaaf barattoota qopheessuurratti qoodasaanii ba'uu akka qaban dhaamaniiru. Barataan tokko gara kutaa ittaanutti ce'uuf dhibbantaa 50fi isaa ol fiduun dirqama ta'uus ibsaniiru.

Raabsa kitaabilee barnootaa ilaalchisees Obbo Efreem akka jedhanitti, kitaabileen barnoota sirna barnoota haaraa sadarkaa 2ffaa naannichaaf ramadaman miliyoona 7.1 keessaa miliyooni 5.08 biiricha dhaqqabuun hanga Sadaasa 28tti kitaabileen miliyoona 4.4 manneen barnootaaf raabsamaniiru.

Kanneen hafanis ministeera barnootaarraa biiricha dhaqqabaa jiru. Haala amma jiruun reeshoo kitaabilee kunneeniifi barataatti wayita ilaalamu barattoonni kutaa 9ffaa mata mataatti kitaaba ni argatu.

Kutaa 10ffaatti kitaabni tokko barataa lama, kutaa 11ffaatti 12ffaatti ammoo kitaabni tokko

barataa sadiif kan kennamu ta'a. Kitaableen barumsaa sadarkaa 1ffaafi sana duraa miliyoona 11 ta'an barataa bira dhaqqabaniiru.

Oromiyaan rakkoo qulqullina barnootaa akka biyyaatti mul'atu maqsuuf bara 2009 irraa eegalee manneen barnootaa adeemsa baruufi barsiisuuf mija'oo ta'an bal'inaan hojjechuufi barsiisota qaxalee ogummaa barsiisummaa gonfatan horachuuf sosoohii olaanaan taasifamaa jiraachuu eeranii; barsiisota gosa barumsaa garaagaraa baratan hojii barsiisummaarratti bobbaasuuf akka ta'utti giddugalli leenjii barsiisotaa magaalaa Adaamaatti ijaaramee leenjii barsiisummaa kenna akka jirus dubbataniiru.

Bu'uuruma kanaan bara kana qofa barsiisota kuma lamaafi 600 kanneen appilaayidii ta'an ogummaa barsiisummaatiin leenjisuuf hojjiitti bobbaasuu himanii; ammas barsiisotni kuma tokkoofi 200 ta'an leenjiirra jiraachuu ibsaniiru.

Kanamalees, qulqullina barnoota mirkaneessuuf Gumii tiraanisfoormeeshinii barnoota Oromiyaa jedhamu kan qooda fudhattoota hedduu of keessaa qabuufi pirezidaantii naannichaatiin hogganamu hundaa'uu himanii; gumicha jalatti sosoohii qulqullina barnootaa naannoo hanga gandaatti jiru kan hordofu koreen teknikii dhaabbachuu eeranii.

Hanga ammaattis barsiisota, maatii barattootaafi qooda fudhattoota biroo waliin qulqullina barnootaa mirkaneessuurratti waltajjiwwan garaagaraa taasifamaa jiraachus beeksaniiru.

Ijaarsi pirojektii...

Daaw'annicharratti haasaa kan taasisan Obbo Xilaahun, bulchiinsi magaalichaa pirojektota tajaajila ummataaf oolan yeroo gabaabaafi dheeraa keessatti hojjechuun hawaasa fayyadamtoota taasisaa jiraachuu eeranii, pirojektota yeroo gabaabaatiin ijaarsa manneen jireenya manguddootaa, giddugaloota sooramaa, nyaata barattootaa, warshaalee omisha buddeenaafi daabboo tajaajila kennuu eegalusaanii akka fakkeenyaatti kaasanii.

Karoora yeroo dheeraatiinis Pirojektiiin Godambaa Adwaa isa tokkoofi guddaa ta'uu himanii, kunis ji'oota muraasa keessatti xumuramee tajaajilaaf banaa akka ta'uu ibsaniiru.

Pirojektiiin kun lafa heektaara 3.3rra kan qubateefi qarshii biliyoona 4.6n hojjetamaa akka jiru kan ibsan Obbo Xilaahun, keessoosaatti tajaajiloota addaddaa akka kennuuf kaayyeffamee hojjetamaa jira

mootummaa sadarkaa sadarkaan jiran ofiisaaniitiif fakkeenya ta'uu qabsoo malaammaltummaa irratti gaggeeffamaa jiru deeggaruuniifi tumsa barbaachisu hundaa taasisuun gahee isaanii bahachuu akka qaban hubachiisani, malaammaltummaan yaaddoo biyyaalessaa akka hintaaneeff hojjetamuu akka qabuufi milkaa'ina hojjechaatiif immoo hojii to'annoofi hordooftii koree dhaabbii akkasumas tumsa dhaabbilleefi hawaasaa cimsuun murteessaa ta'uu dubbatu.

Yunivarsiitii Siivil Sarvisii Itoophiyaatti Barsiisaan Manaajimantii Doktor Kabbadaa Gannatii sanada marii dhiyeessaniin akka jedhanitti, umrii hiyyummaa gabaabsuuf mootummaan Itoophiyaa tarsiimoowwan guddinaa baasee hojjechuurratti argama. Haa ta'uu malee, hanga malaammaltummaan hinwaraanannetti karoorri kun milkaa'uu hindanda'u.

Akka aadaa Oromooti malaammaltummaan baay'ee akka jibbamu himanii, aadaa ummatichaa keessatti nama malaammaltummaa hojjetu qoqqobbiin irra kaa'ama, iyyullee hawaasa keessatti birmannaa hinargatu jedhu. Safuu cabe iddootti deebisuun naannicha keessatti hanna hir'isuun barbaachisaa akka ta'ees ibsaniiru.

Federaalizimiin...

seenaafi eenyummaa sabdaneessummaa Itoophiyummaa qabachuun garafuulduraatti deemuun barbaachisaa ta'uus ibaniiru.

Yunivarsiitii Haromaayaarraa hayyuun saayinsii hawaasummaa Doktor Guutamaa Immaanaa gamasaaniin sirni federaalizimii sabdaneessaa biyyoota aadaa, seenaa, amantaa, teessuma lafaafi fedha siyaasaa adda addaa qaban keessatti barbaachisaa ta'uu ibsaniiru.

Biyyoota adda addaamuu akkasii qaban keessatti sirna federaalizimii sabdaneessaa cimsuun walqixxummaafi tokkummaa biyyaa mirkaneessuuf seenessa dogoggoraa sabootaa, sablammootaafi ummattoota gidduu ture mariifi dimokraasii dhugoomsuun barbaachisaadha jedhan.

Akka ibsasaaniitti, yeroo seenessi dogoggoraa fedhii garee tokkoo bakka qabachaa deemu dimokraasiin badaa deema. Dimokraasiin mirgaafi dirqamasaa beekuun aadaa, seenaa, amantaafi fedhii siyaasaa warra kaanii kabajuun hunda qixxeetti keessummeessuun sirni federaalizimii sabdaneessaa biyya tokkoo akka cimaa taasisa.

jedhaniiru.

Pirojektiiin Godambaa Adwaa balbaloota shan kan qabu yoo ta'uu, seenaa Adwaa ibsuun ala tajaajilawwan mana kitaabaa, ispoortii, siinimaa, bakka tapha daa'immanii, galmoota walgahii, suuqota, bakka dhaabbii taaksiifi awutoobisii, kaaffeewwan, mana nyaataafi kkf kan ofkeessatti hamma ta'uu ibsaniiru.

Daaw'annicharratti Hogganaan Waajjira Pirojektii Meeggaa Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee Injiinar Daboo Tunkaa argamaniiru.